# HOJIIRRA OOLMAA MALA BARUU FI BARSIISUU BARATTOOTA GIDDU GALEESSA GODHATE: MANA BARUMSA SADARKAA LAMMAFFAA DOOBBAA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 11^FFAA IRRATTI XIYYEEFFACHUUN

**QORANNOO SAGANTAA BARNOOTAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**


**DAGGITUU BAANEE JABAA**


**SADAASA, 2025**


**YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA, MAGAALAA MAAYAA**

**Hojiirra Oolmaa Mala Baruufi Barsiisuu Barattoota Giddu Galeessa Godhate: Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Doobbaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa**

**Qorannoo Barnoota Digirii Lammaffaa(MA) Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Qunnamtiitiif Dhiyaate**

**Daarektoreeta Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa**
**YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA**

**Ulaagaa Ittiin Guuttannaa Gar-Tokkee Barnoota Digirii Lammaffaa (MA)**
**AFAAN OROMOOFI OGUMA BARSIISUUTIIN**

**Daggituu Baanee Jabaa**

**Gurraandhala, 2017/25**

**YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA, MAGAALAA MAAYAA**

**DAAREKTOREETA SAGANTAA BARNOOTA DIGIRII DURAAN BOODAA**

**YUUNIVARSITII HARAMAAYAA**

Waraqaa qorannoo barattuu Daggituu Baaneetiin mata duree "Qaaccessa Hojiirra Oolmaa Mala Baruufi Barsiisuu Barattoota Giddu Galeessa Godhate: Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Doobbaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa" jedhu irratti hojjechaa turte dubbisee madaalee jira. Kanaaf, unkaa waraqaa qorannoo sagantaa barnoota digirii duraan boodaa guuttee waan jiruuf akka isheen dhiyeesituuf yaada kennee jira.

____________________________ __________________ ______________

Maqaa Gorsaa Ijoo Mallattoo Guyyaa

____________________________ ____________________ ______________

Maqaa Gorsaa Gargaaraa Mallattoo Guyyaa

Akka miseensa boordii sagantaa qortoota digirii duraan boodaa (MA)tti waraqaa qorannoo barattuu Daggituu Baaneetiin qophaa'e dubbisee madaalee jira. Akka kootti waraqaan kun unkaa waraqaa qorannoo Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa Afaan Oromoofi Oguma barsiisuutiin ni guuta jedhee mirkaneessee jira.

________________________ ________________________ _____________

Maqaa Walitti Qabaa Mallattoo Guyyaa

________________________ ________________________ ______________

Maqaa Qoraa Keessaa Mallattoo Guyyaa

________________________ ________________________ ______________

Maqaa Qoraa Alaa Mallattoo Guyyaa

Itti gaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa Sagantaa Barnoota Digirii Lammaffaa ( MA)

## IBSA QORATICHAA

Waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kan ta'eefi kanaan dura yuunivarsitii kamuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanneedha. Kanaafuu, qorannoo kankootiif wantoota akka wabiileetti dubbise hunda wabii keessa kaa'uu kiyya akka armaan gadii kanatti mallattoo kankootiin mirkaneessa.

Maqaa: Daggituu Baanee

Bakka: Yuunivarsitii Haramaayaa

Guyyaa: ___________________

Mallattoo: __________________

# GABAAJEEWWAN

DM: Duree Mana Barumsaa

I/A/DM: Itti Aanaa Duree Mana Barumsaa

KGTB: Koree Gumii Tiraanisfoormeeshiinii Barnootaa

KKF: Kankana Fakkaatan

DOW: Dagaaginna Ogummaa Walitti Fufaa

ICDR: Insitute of Curculum Development and Research

# SEENAA QORATTUU

Qorattuun kan dhalatte godina Horroo Guduruu Wallaggaa, aanaa HorrooBuluqitti bara 1974 dhalatte. Akkuma umriin ishee baruumsaaf gahee barnoota sadarkaa tokkoffaatiin mana barumsa Daaddoo Siree Budootti kan baratte yoo ta'u barumsa sadarkaa lammaffaa immoo, mana barumsa sadarkaa lammaffaa shaambutti baratte. Bara 1991 akkuma barnoota sadarkaa lammaffaa xumurteen bara 1992 kolleejjii barnoota barsiisota Roobee seenuun ogummaa barsiisummaa (TTI) fudhatte ykn baratte.

Bara 1993 barsiistuu ta'uun Godina Harargee Lixaa Aanaa Doobbaatti kan qacaramtee yoo ta'u, fooyyeffannaa barnootaa argachuun bara 1998 ogummaa barsiisummaatiin kolleejjii barnoota barsiisota Asallaatti gosa barnoota Afaan Oromootiin barachuun bara 2001tti xumurtee jirti. Bara 2002 immoo carraa barnoota Digirii gosa barnoota Afaan Oromootiin argachuun yuunivarsiitii Haramaayaa kan seente yoo ta'u, bara 2007 akkuma xumurteen ammas dhuma bara 2010 carraa barnoota digirii lammaffaa gosa barnoota Afaan Oromootiin argachuun Yuunivarsitii Haramaayaatti deebite. Kanaafuu, yeroo ammaa barnoota ishee kan digirii lammaffaa kanas xumurtee qorannooshee dhiyeessuf qophaa'aa jirti.

# GALATA

Duraan dursee bu’aa bahii baayyee keessa nadabarsuun fayyaafi nageenya naaf kennee sadarakaa kanaan kan nagahe waaqayyoon galateeffachuun barabaada. Itti aansuudhaan gorsaafi deeggarsa walirraa hin cinnee naaf kennaa kan turan gorsaa kankoo ijoo Fiqaaduu Baldaa (Piroofeesera Gargaaraa) galata guddaa isaaniif qaba. Kanamales, gorsaa ittaanaa kankoo Muhaammad Abdoo (Piroofeesera Gargaaraa) haalaan isaa galatoonfadha.

Hojii qorannoo kankoo kana keessatti qaamni galatoomfachuu barbaadu isaan biroo dureewwana mana barumsaa kootiidha. Isaanis, barsiisaa Jamaal Kadiiroo, Barsiisaa Abdallaa Hassanfi Barsiisaa Abbabaa Shimallis galata gurguddaa isaaniif qaba. Dhumarratti barsiisota muummee afaan oromoo, barattoota kutaa 11ffaa ragaa qulqulluu naaf kennaa turan galata daangaa hin qabne isaaniif qaba.

**Qabiyyee** **BAAFATA** **Fuula**


**IBSA QORATICHAA** ii

**GABAAJEEWWAN** iii

**SEENAA QORATTU** iv

**GALATA** v

**BAAFATA** vi

**AXEREERAA** ix

1. **SEENSA** 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa 3

1.3. Gaafilee Qorannoo 5

1.4. Kaayyoo Qorannichaa 5

1.4.1. Kaayyoo gooroo qorannichaa 5

1.4.2. Kaayyoo gooree qorannichaa 5

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa 5

1.6. Daangaa Qorannichaa 6

1.7. Hanqinna Qorannichaa 7

2. **SAKATTA'A BARRUU FIROOMANII** 8

2.1. Maalummaa Mala Baruufi Barsiisuu 8

2.2. Gosoota Mala Baruufi Barsiisuu 8

2.2.1. Mala baruufi barsiisuu barsiisaa giddu galeeffate 9

2.2.1.1. Amaloota Mala Baruu-Barsiisuu Barsiisaa Giddu Galeeffatee 10

2.2.1.2 Cimina Mala Baruu-Brsiisuu Barsiisaa Giddu Galeessa Taasifatee 10

2.2.2. Mala Baruu Barsiisuu Barattoota Giddu Galeeffate 11

2.2.2.1. Cimina Mala Baruu Barsiisuu Barattoota Giddu galeessa Godhatee 11

2.2.2.2. Hanqina Mala Baruu Barsiisuu Barattoota Giddu Galeessa Godhatee 12

2.2.2.3. Mala Baruu Barsiisuu Barattoota Giddu Galeessa Taasifate Keessatti Gahee Barattoota 13

2.2.2.4. Mala Baruu Barsiisuu Barattoota Giddu Galeessa Taasifate Keessatti Gahee Barsiisaa 13

2.3. Yaadiddama Qorannichaa 14

**3.XIINMALA QORANNICHAA** 15

3.1. Saxaxa Qorannichaa 15

3.2. Madda Ragaalee 15

3.3. Iddattoofi Iddatteessuu 16

3.4. Maleen Funaansa Ragaalee 16

3.4.1. Afagaaffii 17

3.4.2. Bargaaffii 17

3.4.3. Daawwannaa 18

3.4.4. Marii Garee 18

3.5. Mala Xiinxala Ragaalee 18

3.6. Naamusa Qorannoo 19

**4. QAACCESSAAFI DHIYEESSA RAGAALEE** 20

4.1 Mana barnoota sadarkaa 2ffaa Doobbaa keessatti haala hojiirra oolmaa barnootaa barattoota Giddu galeessa godhate. 20

4.2. Gufuuwwan Hojiirra Oolmaa Mala Baruu Barsiisuu Barattoota Giddu Galeessa Taasifatee 24

4.2.1. Gufuuwwan Mootummaa Wajjiin Walqabatan 25

4.2.2. Gufuuwwan Hawaasa Mana Barumsaa Wajjiin Walqabatan 27

4.3. Furmaata Gufuuwwan Hojiirra Oolmaa Mala Baruu Barsisuu Barattoota Giddu Galeessa Taasifatee 29

**5. CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO** 35

5.1. Cuunfaa Qorannichaa 35

5.2. Argannoo Qorannichaa 36

5.3.Yaboo Qorannichaa 38

WABIILEE 39

DABALEEWWAN 41

Dabalee, A. gaaffilee afgaaffii irratti dhiyaatan 41

Dabalee, B. Gaaffilee Bargaaffii  Irratti Dhiyaatan 42

Dabalee, C: Odeeffannoo Barattootaa 43

Dabalee, D. odeeffannoowwan barsiisotaa 43

Dabalee, E. Suuraalee Muraasa Yeroo Ragaaleen Fudhatamu 44

**Qaaccessa Hojiirra Oolmaa Mala Baruufi Barsiisuu Barattoota Giddu Galeessa Godhate: Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Doobbaa Kutaa 11ffaa**

## *AXEREERAA*

*Xiyyeeffannoon Qorannoo kanaa hojiilee baruu –barsiisuu keessatti hojiirra oolmaa mala baruu –barsiisuu barattoota giddu galeessudha. Kanumarraa ka'uun haalli hojiirra oolmaa mala kanaa, mana barumsa sadarkaa 2ffaa Doobbaa Daree Barnoota Afaan Oromoo keessatti maal akka fakkaatu xiinxalameera .Kunis malli kun hojiirra oolaa jiraachuu isaa,haala kamiin akka hojiirra oolaa jiu,hangam hojiirra oolaa akka jiru, daqaaleen jiran maal fa'ii fi furmaanni maali kanneen jedhamanidha Kanumaan wal qabatee qorattuun gosa qoranoo malleen walkeessoo fayyadamuun haalli hojiirra oolmaa mala baruu-barsiisuu barattoota giddi galeessa godhate mana barumsichaa Daree Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa Keessatti gadaanaa ta'uun isaa hubatameera.Malli qaaccessa ragaa dhimma itti bahame mala makaati. Akkasumas madda ragaa tokkoffaa fi madda ragaa lammaffaa fayyadamuun,kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uuf malleen funaansa ragaalee afgaaffii, bargaaffii fi hubdaawwannaan hojiirra oolaniiru.Ragaaleenis karaa suuraa, viidiyoo fi barreeffamaatin walitti kan qabamanii fi akkaataa walitti dhufeenya isaaniitiin xiin xalamaniiru. Akka argannoo qorannoo kanaatti malli kun faayidaa hedduu kan qabuu fi hojiirra oolmaan isaa rakkoo akka qabu hubatamera.*

*Akkasumas malli kun barattoota gahoomsuu, ofitti amanamoo taasisuu, of danda'oo fi rakkoo adda baasuu fi rakkoo furuu akka danda'aniif kan fayyadu ta'uun isaa bira gahameera. Cuunfaa fi yaboon qorannoo kanaan adda baafameera .Haata'u malee hojiirra oolmaa mala kanaatiif danqaaleen jiran hanqina kitaabaa, teessoo,hamilee dhabuu barataa, gahumsa barsiisaa, hanqina silabaasii fi qajeelcha barsiisaa ta'uun adda baafameera. Furmaanni isaa, gahumsa barsiisaarratti hojjechuu,hanqina kitaabaa, silabaasii,fi istaandardii mana barumsaa fooyyessuun murteessaa ta'uun isaa adda baheera. Gama biraatiin dhimmamtoonni barnootaa hundi barsiisaan, hoggansi,waajjiraaleen ,barataa fi maatiin gahee isaanii bahuu qabu.*

# 1. SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Barnoonni bu'uura qaroomina addunyaa akka ta'e hayyoonni barnootaa sadarkaa barumsaa garaagaraa ni kaasu. Barnoonni kunis karaalee ittiin argamuu, malleen ittiin kennamuu fi fudhatamu irratti heddu barreeffamees dubbatamees jira. Malleen baruu barsiisuu akkaataafi tooftaa barsiisonni yaada qabiyyee barnootaa keessa jiru barattootaaf ittiin dabarsuudha. Malleen barsiisuu akkaataa barsiisaan qabiyyee barnootaa barattoota biraan itti gahuu akka ta'e, Bal'inaa fi Kaawwan, (2011) ni ibsu. Akka ibsa kana irraa hubatamutti, malleen baruu-barsiisuu tooftaaleefi adeemsa barsiisonni barachuu barattootaa ittiin dhugoomsu of keessatti kan qabatuudha. Akkaataa kaayyoofi galmi baruu-barsiisuu ittiin bira gahamuudha ykn ittin dhugoomudha.

Malleen baruu-barsiisuu akaakuu garaagaraa akka jiran Reed fi Bergmann (1995)fi Combs(1997) ni ibsu. Isaan keessaas, malleen baruu-barsiisuu barsiisaa giddu galeessa taasifatanii fi malleen baruu-barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatan akka jiran kaasanii jiru. Malleen baruu-barsiisuu barsiisaa giddu-galeessa taasifatan maqaa adda addaatiin beekamu. Isaanis: mala aadaa, mala kallattii fi mala baratamaa jedhamuun kan ibsamaniifi yeroo dheeraadhaaf hojiirra kan oolanii fi oolaas jiran akka ta'anidha. Yaada ka'e irraa akka hubamutti malleen baruufi barsiisuu gosoota adda addaa akka jiraniidha. Isaan keessaa malli barsiisota giddu galeessa taasifate maqa adda addaatiin akka beekkamuudha. Mala kana keessatti gochaaleen hedduun barsiisotaan kan raawwatamanidha. Malleen kana keessatti saffisnii fi akkaataan baruu-barsiisuun itti gaggeeffamu ol'aantummaan kan hoogganu barsiisaadha.

Malli barattoota giddu galeessa taasifate jechuun adeemsa baruufi barsiisuu keessatti gahee guddaa kan qabu dha. Mala kana keessatti barattoonni gochaalee barannoo adda addaa keessatti dammaqinaan hirmaatu. OSENI fi Ejide, ( 2022) akka jedhanitti malli kun xiyyeeffannoon isaa barattoota akka ta'eedha. Gochaalee daree gaggeeffaman keessatti kan hirmaatu barattootadha jedhu. Dubbachuu, dubbisuu, barreessuu,

dubbisuufi shaakaluu kan gag eessan barattoota jedhu. Akka yaada kanaatti gahee taphattoonni barattootadha. Barsiisaan immoo haala mijeessuu, qajeelchuufi hordofuudha. Haala ykn naannoo baruufi barsiisuun keessatti adeemsifamu kan mijaawaa ta'e uumuudha. Gochaalee gahaa qopheessuun barattootaaf kennuu, hojii barattootaa daawwachuu, hordofuu, deggersa kennuu, qajeelchuu, iyyaafachuu fi madaaluudha.

Malli barattoota giddu galeessa taasifate faayidaa baayyee qaba. Bucharest,( 2010), kan jedhu cuunfaan isaa akkas jedha. Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate keessatti barattoonni dandeettii, gahuumsaafi cimina ni horatu. Dandeettii yaada isaanii ibsachuu ni horatu jedha. Akkuma onneen qaama namaatiif faayidaa guddaa qabdu, malli kunis, adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barattoota faayidaa guddaa qaba jedha. Beekumsii fi muuxannoon duraan qaban gabbifachuu fi beekumsa haaraa ijaarachuu keessatti gumaacha ol'aanaa qabu. Akka ibsa kanaatti faayidaan mala kanaa adeemsa baruu-barsiisuu keessatti barattoota gama hundaan gahoomsuufi jechuudha. Sababni isaa, barattoonni waliin waan shaakalaniif, sodaa malee waan isaaniif hin galle walgaafataa waliif ibsaa baratu waan ta'eef.

Malli baruu-barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate, si'aa'ina barattoota dabaluuf ni gargaara. Tigisti , ( 2008), kan jettu, malli kun adeemsa barachuu keessatti barattoonni ofiin of sochoosuun ykn wal sochoosuun gochoota irratti hirmaatu waan ta'eef hamilee barattoota dabalaa deema jetti. Akka yaada kanaatti, hanguma barattootan ofiin waa hubatuu yaalutti hamileen isaanii dabalaa daddabalaa deema. Hanguma hamileen isaanii dabalu qabiiyyee barattoota jiran irratti hubannaafi gahuumsi isaanii dabala jechuudha.

Gama biraatiin, Leat fi kaawwan,( 2003), malli baruufi barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate barattootaaf hubannaa gadi fagoo kennaafi. Miira itti gaafatamummaafi iftoominaa gonfachiisa. Walitti hirkattummaa gidduu barattootafi barsiisaa jiru xiqqeessa. Kabaja garlamee barattootafi barsiisaa cimsuufi adeemsi baruufi barsiisuu haala bashannansiisaa ta'een akka raawwatamu akka taasisu ibsanii jiru. Akka yaada kana irraa hubatamutti, malli baruufi barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate kallatti adda addaatiin barattoota gahoomsuuf akka oolu hubatamee jira

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Hojii irraa oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate irratti qorannoo gaggeessuuf dhimmoonni ka'uumsa ta'an keessaa tokko xiqqaataa dhufuu mal baruu basiisuuti. Kunis, gosa Barnoota Afaan Oromootin malli baruu barsiisuu barattoota giddi galeessa godhate mana barumsaa kana keessatti dagatamaa jiraachuu isaatu mul'ata. Qorattuunis, barsiiftuu mana barumsaa kanaa waan taateef hubannaafi muuxannoo qabduun mirkaneeffattee jirti. Sirni barnootaas mala baruu-barsiisuu barattoota giddugaleessa godhateen barsiisuun barnoota qulqullina qabu barattoota biraan ga'uu fi barattoota akka biyyaatti dorgomaa ta'e uumuun mala kanaan akka dandaa'amu ni jajjabeessa.

Brand, (2000), mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifateefi mala barsiisaa giddu galeessa taasifate wal bira qabuun haala armaan gadiin ibsa. Haala baruu-barsiisuu baratamaa yokiin durii keessatti barattoonni waan hunda kan baratan guutumaan guutuutti karaa barsiisiisotaan qofa. Keessattu barnoota afaanii keessatti dandeettilee afaanii arfan hubachiisuuf, mala baruu-barsiisuu barattoota giddugaleessa godhatetti fayyadamuun adeemsa baruu- barsiisuu milkeessuu akka dandaa'amu ibsa. Kana jechuun, malli baruu barsiisuu milkeessu keessatti iddoo guddaa qabaachuu isaati.

Gama biraatiin hojiirra oolmaan mala kanaa hanqina akka qabu qorattoonni garaagaraa ni ibsu. Isaan keessaa Zawudee (2005) fi Tigist (2008) akka jedhanitti, hojiirra oolmaan malleen baruu-barsiisuu barattoota giddu-galeessa taasifate akkaataa galma barbaadameetti hojiitti hiikamaa jiraachuu dhabuu isaa ibsanii jiru. Haaluma kanaanis, Itoophiyaa keessatti bara1994 A.L.H tti jalqabee imammatni haaraa bahee, malli barattoota giddu galeessa godhate hojiirra ooluu isaa kan ibsudha. Haa ta`uuyyu malee, malli barattoota gidduu galeessa godhate hojii irraa oolmaan isaa hanqina qabaachuu ibsu.

Hanqinoota mul'atan keessaa muraasni kan akka hanqina kitaabaa,qajeelcha barsiisaa, haqina daree, leenjii dhabuu barsiisaa, haqina meeshaalee deeggarsaa fi hanqinaaleen

biraas jiraachuun isaa adda baafameera. Kunaafuu, qorattuun itti fayyadamni isaa xiqqaachaa dhufuu kana wajjiin sababoota jiran adda baastee jirti. Kunis daawwannaa

Daree taasifameen mui'atee jira. Akkasumas, malli kun hojii irra yoo oole faayidaalee akkamii akka qabu fi akkaataa hojiirra oolmaa isaa ibsitee jirti.

Gama biraatiin ka'uumsi qorannoo kanaa qaawwa qorannoowwan adda addaa gamaa kanaan qaban duuchuufidha. Isaan keessaa Fissahaa Dabalee, (2011/2019), Xiinxala Mala Marii Gareetiin Afaan Barsiisuu: Haala Barattoota Mana Baruumsa Sadarkaa Lammaffaa Alaltuu Kutaa 9ffa irratti kan hojjate jira. Wal fakkeenyi qorannoo kanneenii mala marii gareetiin afaan barsiisuu kan jedhu yoo ta'uu, garaagarummaan isaanii immoo, qorannoon kun malleen baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate keessatti gosoota/bifoota jiran hunda kan hammatu yoo ta'u, inni mana barumsa Alaltuu irratti gaggeeffame immoo, hojiirra oolmaa mala kanaa keessaa marii garee qofa irratti xiyyeeffachuu isaati.

Mata duree kanarratti qorannoon hojjatame kan bira "Tigisti Kormee (2008/2016) Sakatta'a Hojiirra Oolmaa Mala Baruuf Barsiisuu Barataa Giddugaleessa Godhate: Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Magaala Gindhiir Kutaa 9ffaa Irratti" jechuun kan hojjatte jira. hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa godhate qabiiyyee jedhuun qorannoo kanaan walfakkaata. Haata'uu malee, hojiirra oolmaa mala kanaa barnoota Afaan Oromoo keessatti kan jedhuun mata duree kanaan garaagarummaa qaba. Kanamales, iddoo qorannichaatiinis garaagarummaa qaba. Kanaafuu, qorannoon kunis, qaawwa qorannoolee kanaafi kanneen biroo mata duree kanarratti qaban duuchuuf hojjatamee jira.

Kanamales, mana barumsaa kana keessatti hanga ammaatti mata duree kanarratti qorannoon hojjatame hin jiru. Kana immoo, qorattuun mana barumsaa kana keessatti yeroo dheeraaf barsiisaa waan turteef hubannoofi muuxannoo qabduun adda baafattee jirti. Kanaafuu, dhimmoonni armaan olitti kaafaman kunneen ka'uumsa qorannichaa ta'anii jiru.

## 1.3. Gaafilee Bu’uura

Qorannoon kun gaaffilee qorannoo itti aanaan kanneeniif deebii kannuuf yaala. Gaaffileen qorannoo kunneenis:

1. Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa godhatan maal fa’a ?
2. Malleen baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatan daree barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti hojiirra oolchuuf gufuuleen jiran maal fa’a ?
3. Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa godhate akkamiin hojiirra oolaa jira?
4. Rakkoolee mala baruu –barsiisuu barataa giddu-galeessa godhate maqsuuf maaltu godhamuu qaba?

## 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.4.1. Kaayyoo gooroo qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa hojiirra oolmaa mala baruu-barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate mana barumsa Doobbaa Sadarkaa Lammaffaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa qaaccessuudha.

### 1.4.2. Kaayyoo gooree qorannichaa

1. Malleen baruu barsiisuu barattoota giddugaleessa godhatan maal faa akka ta,an ibsuu.
2. Mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate hojiirra oolchuuf wantoota gufuu ta,an adda baasuu.
3. Haala hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddugaleessa godhate ibsuu.
4. Mala baruu–barsiisuu barattoota giddu galeessa godhate hojiirra oolchuuf. gufuulee jiraniif furmaata eeruu.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo kana hojjachuun barbaachisummaan isaa qaamota baayyeefidha. Inni duraa barsiisotaa fi qorattoota mata duree kana irratti qorannoo gaggeessaniifidha. Kunis, mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatee keessatti bifoota fooyya’aa ta’an

adda baasee akka itti fayydamuuf gargaara. Inni biraa immoo, bararattoota mana barumsaatiif. Kunis, argannoo qorannoo kana irratti hundaa'anii malleen hirmaachisaa ykn barattoota giddu galeessa taasifate keessaa isaan baayyee murteessaa ta'anitti gargaaramuu danda'u. Kanamales, fayyadamaan qorannoo kanaa inni biraa barattoota. Barsiisonni bu'aa qorannoo kanaa irratti hundaa'uudhaan mala filatamaan yeroo barsiisan barattoonis, qabiiyyee barnootichaa salphatti hubatu; qaphxii isaaniis ni fooyyeffatu. Fooyya'iinsi qabxii barattootaa immoo, galma gahiinsa kaayyoo mana baumsaatiif gahee olaanaa qaba. Kana jechuun manni barumsaatis fayyadamaan qorannoo kanaati jechuudha. Namoota mataduree kanaafi kanatti dhiyaatu irratti gara fuulduraa qorannoo gaggeessaniif ka`umsa ta'uu nifayyada.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Mata duree qorannoo kanaa karaa lamaan daangeffamee jira.Kunis gosa barnoota afaa oromoo irrattii hundaa'uudhaani.

Inni tokko karaa qabiiyyee mata duree qorannichaati. Qabiiyyeen qorannoo kanaatis, adeemsa ykn mala barnoonni daree itti kennamuudha. Malleen baruu barsiisuu daree keessaa heddutu jiru. Hunda irratti qorannoo gaggeessuun ulfaataadha. Sababni isaa qabiiyyeen isaa bal'aa waan ta'eef, qulqullinaafi sirrummaa qorannichaa gadi buusa. Kanarraa ka'uudhaan mata duree kunis gama qabiiyyeetiin mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifateetti dhiphatee jira.

Mala baruu barsiisuu barattoota giddu-galeessa taasifate gosa barnootaa hunda hammateefi kutaalee manni Barumsa Sadarkaa 2ffaa Doobbaa irrattis qaaccessa gaggeessuun yeroo fi humna qorattuun to'atamuu hin danda'u. Kanarraa ka'uudhaan, mata duree kun gama iddootiin daangeffamuu danda'ee jira. Kanaafuu, "Hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu-galeessa taasifate gosa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa irratti" jechuudhaan daangeffameera.

## 1.7. Hanqinna Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuu keessatti wantoonni akka hanqinaatti mul’atan ni jiru.Inni duraa mana barumsaa tokko qofaarratti xiyyeeffachuu isaa. Hanqina barreeffamoota wabii, kutaa 11ffaa qofaarratti xiyyeeffachuu isaa, fedhii dhabuu odeef kennitootaa,akkasumas yeroo fi baajeta gahaa dhabuun hanqinoota qorannoo kana keessatti mul’ataniidha.kanumaan walqabatee . Kitaabilee gahaa wabii taasifachuu fi odeeffannoo gahaa argachuun immoo, sirrummaafi qulqullina qorannichaa haalaan kan dabaluu fi kan dhugoomsudha.

# 2. SAKATTA'A BARRUU FIROOMANII

## 2.1. Maalummaa Mala Baruufi Barsiisuu

Hojiin baruufi barsiisuu daree keessatti akkaataa ittiin gaggeeffamu qaba. Kaayyoofi qabiiyyee barnootaa akka barbaadamu galmaan gahuuf mala adda addaa fayyadamuun barsiifama. Akka Richardfi Rogers (2001:19) ibsanitti, "Malli baruuf barsiisuu adeemsa akka waliigalaatti haala dhiyeenya qindaa'aa irratti hundaa'ee, beekumsa barbaadamu dabarsuuf raawwatudha. Akka yaada kana irraa hubatamutti, akkaataa barsiisaan daree keessatti ykn dareen alatti barattoota itti hubachiisuudha. Kana males, akka barreessaan kun jedhutti sadarkaa itti yaaxxinni hojiidhaan mul'atudha. Adeemsa dandeettii murtaa'aafi qabiiyyeen murtaa'an barsiisuudhaa itti filatamuudha.

Yaada ka'e irraa akka hubatamutti mala baruufi barsiisuu jechuun, tartiiba qabiyyeen ittiin dhiyaatus kan murteessuudha. Kaayyoon tooftichaa maal akka ta'e, babiyyeen afaanii akkamittii akka filatamuufi qindaa'u, akaakuu gochawwaniifi gilgaalotaa maal akka fakkaatufi gahee barattootafi gahee barsiisaa irratti xiyyeeffata. Akka waliigalaatti yaada kanarraa wanti hubatamu, adeemsa baruuf barsiisuu kamiyyuu keessatti, galma gahinsa barnootaaf, malli bakka guddaa kan qabu ta'uusaati.

## 2.2. Gosoota Mala Baruufi Barsiisuu

Malleen baruufi barsiisuu akkaataa adda addaatiin qoqqoodamuu ni danda'u. (ICDR 1999) Institute of Curiculum Development and research, barumsa qabiyyee keessatti qorannoo jalqabaa taasiseera, Hayyoonni garagaraas haala garagaraatiin ibsaniiru. Malli baruufi barsiisuu akka qoqqoodamuu danda`uufi qoqqoodiinsa kana keessattis isa tokko isa kaan irraa addaan baasuun rakkoo akka ta'e ibsaniiru. Akka walii galaatti immoo, haala armaan gadiitiin qoqqoodaniiru. Barattootaa gidduu galeessaa kan godhateefi barsiisaa gidduu galeessa kan godhate(teachers centered vs student centered), kallattiifi alkallattii (direct instruction and indirect instruction), aadaafi amayyaa (traditional and modern)fi baratamaafi baratamaa kan hin taane(conventional and non conventional) fa'a akka ta'e kaasaniiru.

Akka yaada ka'e irraa hubatamutti malli baruufi barsiisuu akkaataa garaagaraatiin yoo qoodamellee bakka lamatti akka qoodamu hubachuun ni danda'ama. Kallattiifi aadaa kan jennu barsiisaa kan giddu galeessa godhate yoo ta'u, alkallattiifi ammayyaa barattoota giddu galeessa kan godhateedha. Kuni kan mul`isu, qoqqoodiinsi mala baruuf barsiisuu garagara ta`us, yaadni isaanii garuu walfakkaataa ta`uu isaati. Sababni isaas, warreen qoqqoodan, barsiisaas tahe barattootan adeemsa barumsaa irratti hundaa`uudhaani. Kanarraa ka`uun, malleen kanneen bakka lamatti qofa qooduun ilaalaniiru. Isaanis, mala barattoota gidduu galeessaa godhateefi mala barsiisaa gidduu galeessa godhatedha.Itti ansinee malleen kana tokkoo tokkoon ilaaluu dandeenya.

### 2.2.1. Mala baruufi barsiisuu barsiisaa giddu galeeffate

Malli baruu-barsiisuu barsiisaa gidduugaleessa godhate, moggaasa maqaa garagaraatiin yaamama. ICDR (1999) kan jedhu gabaabsinee, mala kallattii, mala aadaa, mala baratamaa jedhamuun waamamaa akka ture lafa kaa'a. Kunis, garaagarummaa moggaasa maqaa malee kan bu'uuraa akka hin taane ibsameera. Malli kun, gahee olaanaa barsiisaadhaaf kenna. Barsiisaan gocha daree keessatti raawwatamuuf handhuuraafi barattootaaf beekumsa harkaa caalaa kan kennuu tahee yaadama. Muttasa and Wills (1994) mala barsiisaa gidduugaleessa godhate, haala kanaan ibsu. Dareen mala baruuf barsiisuu barsiisaa gidduu galeessaa godhateen adeemsifamu olaantummaa barsiisaatiin duraa duubni isaa eegamee kan dhihaatuufi kan gocharratti hin xiyyeeffanneedha. Barsiisaan qabiyyee qindeessuun, ibsuun, hubannoo barattootaa cimsuuf, fakkeenyoota adda addaa kennuun gahee gudddaa taphata. Malli barsiisaa gidduugaleessa godhate, barsiisaan gaheen inni qabu olaanaa akka taheefi dursaa akka tahe yaada hayyootaa irraa ni hubatama. Dhiyaannaan kunis, barattoonni walii isaanii walirraa akkaa baratan gochuurra, waan barachuu qaban sana guutummaatti barsiisaan akka barsiisu kan godhudha

Gama biraatiin Plass, (1998) immoo, dhiyaannaaa mala barsiisaa giddugaleessa godhate, haala kanaa gadiin ibseera. Harka caalaa barattoonni ajaja fudhachuun baratu malee, barnoota daree isaaniirratti hundaa‟uun jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti rakkoolee isaan quunnamaniif furmaata itti hin kennan. Sababa kanaanis, malli barsiisaa

giddugaleessa godhate kun barattoonni rakkoolee garagaraa jireenya isaanii keessatti isaan quunnaman akka furataniif osoo hin taane yaada barsiisaa qofa akka dhagahan kan taasisudha.

Yaada kanarraa wanti hubannu, dhiyaannaan mala barsiisaa gidduugaleessa godhate, barattoonni beekumsa barsiisaa qofa akka fudhatan godha. Xiyyeeffannoon barnoota barattoota irratti osoo hin taane barsiisaafi kitaaba barnootaa irratti taha. Kanaafuu, malli barsiisaa gidduu galeessa godhate gocharratti osoo hin taane yaadiddama irratti xiyyeeffata. Sababa kanaaf, akka barattootan shaakala gochaa adda addaa godhu carraa hin kennuufii. Barnoonni kennamu fedhii barattootan otoo hin taane kan barsiisaarratti waan xiyyeeffatuuf akkasumas, barsiisaan haala barbaadeen kan barsiisu waan taheef, barattoonni kaka`umsafi xiyyeeffannoon barumsaaf qaban gad bu`aa ta`a.

#### 2.2.1.1. Amaloota Mala Baruu-Barsiisuu Barsiisaa Giddu Galeeffatee

Malli baruu-barsiisuu barsiisaa giddu galeeffate amala mataa isaa qaba. Kana jechuun, akka addaatti haala ittiin beekkamu jechuudha. Yaada kanarratti, Macharia and Waria,( 1994), amaloota mala barsiisaa giddu galeessa godhate yommuu ibsu, barsiisaan barattoota caalaa si’aayinaan hirmaata. Hirmaatummaan barsiisaa kan barattoota caala jechuudha. Barsiisaan ibsa kennuufii hordofuu keessatti si’ataadha. Barsiisaan yeroo barsiisu barattoonni hordoftoota fajajoodha. Waa hubachuuf ni rakkatu jechuudha. Teessoon barattootaa geengoon osoo hin taane tarreedhaan kan taa’edha. Gaheen barattootaa inni guddaan, callisanii dhaggeeffachuufi barreeffama gabatee gurraacharraa garagalchuudha. Hojiin garee kan hin jirreefi kkf dha. Akka ibsa ka’e irraa hubatamutti adeemsa baruufi barsiisuu daree keessattik gahee olaanaa kan qabu barsiisaa ta’uu isaati.

#### 2.2.1.2. Cimina mala baruu-brsiisuu barsiisaa giddu galeessa taasifatee

Malli barsiisaa giddu galeessaa godhate, olaantummaan barsiisaan keessatti mul’atus, cimina mataasaa qaba. ICDR (1999), Shankfi kanneen biroo (1999) akka ibsanitti, cimina mala kanaa yoo ibsan, ergaawwaan baay’ee yeroo gabaabaa keessatti dabarsa. Sadarkaa sadarkaadhaan barsiisuufi, wantootaa rakkisoo ta’an ibsuuf bu’aa qabeessaafi filatamaadha.  Barsiisaadhaan durfama.

Akka yaada olii irraa hubatamutti malli baruufi barsiisuu barsiisaa giddu galeessa taasifate hanga ta’e cimina akka qabuudha. Ergaa baayyee ykn qabiiyyee bal’aa yeroo muraasa keessatti barsiisuuf gargaara jechuudha. Kana males, qabiiyyee barattootan hubachuuf rakkisoo ta’aniifi barattootan si’aa’inaa barnoota hordofaa jiraachuu isaa xiinxaluuf gargaara. Daree barattootan gareedhaan barachuu hin dandeenye keessattis, baruu barsiisuu gaggeessuuf akka fayyaduudha.

### 2.2.2. Mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeeffate

Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate hojii baruu barsiisuu irri caalaan barattoota irratti xiyyeeffata. Waa`ee mala baruuf barsiisuu barattoota giddugaleessa godhatee kana kan barsiisaa giddugaleessa taasifate haala garaagaraatiin ibsaniiru. (Brand 2000) mala kana yommuu ibsu, mala ammaayyaati jedha. Mala barattoota hirmaachisuudhaan beekamuudha. Barsiisaan haala mijeessaafi qajeelchaa ta’ee daree hordofa jechuun lafa kaa’a. Akkasumas, barattooni barnoota si`aa`iinaan kan hordofan waan taheef, hubannaa barattootaa cimsa jedha.

Ibsa kana irraa akka hubatamutti, malli barattoota giddu galeessa taasifate tooftaan baruufi barsiisuu barattoota irratti kan hundaa’e ta’uu isaati. Hirmaannaa olaanaa barattootaf kan kennu ta’ee, barsiisaa qajeelchaa ta’ee, barachuu barttootaa hordofa jechuudha. Gama biraatiin Eggen fi Kauchax (1998) mala yommuu ibsan, adeemsa baruuf barsiisuu keessatti, barattoota akka handhuuraatti kan hirmaachisuudha. Barattoonni adeemsa barachuu keessatti callisanii taa`uun barsiisaarra odeeffannoo kan fudhatan osoo hin taane ofii isaaniitii wal irraa kan barataniifi walcimsaniidha. Akka cuunfaa ibsa kanaatti handhuurri baru barsiisuu barattoota akka ta’eedha. Mala barattootan si’aa’inaan akka baratu taasisuufi dandeettii isaanii cimsuudha.

#### 2.2.2.1. Cimina mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa godhatee

Adeemsa baruu barsiisuu keessatti malli barattoota giddu galeessa taasifate faayidaa baayyee qaba. (Bonwell fi Elison 2003) faayidaa mala kanaa kan jedhaan gabaabbatee, malli barattoota giddugaleessa godhate barattoonni barnoota isaanii irratti hirmaannaa cimaa qabu waan ta’eef, adeemsa barachuu keessatti bu`uuradha. Qorannoowwan

bay`een akka ibsanitti, dhiyaannaan barnoota hirmaachisaa tahe, walitti dhufeenya barattootafi mana barumsaa, barattootafi barattoota, bu`aa barumsaa, dandeettii waliigaltee, dandeettii yaaduu, hojii garee, ilaalcha barnootaaf qabaniifi fedhii barachuu akka guddisu ibsaniiru.

Ibsa kana irraa akka hubatamutti malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate faayidaa olaanaa akka qabuudha. Galmi guddaan barachuudhaa barattoota waa hubachiisuudha waan ta’eef, dandeettii, beekumsa, gahuumsaafi ogummaa barattootaa keessatti gahee guddaa qaba waan ta’eef. Sababa barattootan si’aa’inaafi kaka’uumsa cimaadhaan waliin baratuuf barbaachisummaan isaa olaanaa akka ta’eedha.

Gama biraatiin waa’ee faayidaa mala kanaa (ICDR 1999 ) irratti kan ibsame gabaabbatee, barattoota si’ataafi hirmaataa taasisa. Walitti dhufeenya barattootafi barattoota, barsiisaafi barattoota kan cimsuudha. Dandeettii waa yaaduu, xiinxaluufi hiika kennuu barattootaa akka gabbisuudha. Akka ibsa kanarraa hubatamutti, malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate gahuumsa barachuu barattoota milkeessuu keessatti faayidaa guddaa akka qabuudha. Keessattuu, barattoota afaaniitiif, dandeettiiwwan bu’uura afaanii cimsuuf gahee olaanaa akka qabuudha.

**2.2.2.2. Hanqina mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa godhatee**

Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate akkuma cimina qabu hanqina mataa isaa qaba. Smith,(2004) akka ibsetti, hanqinaaleen mala barattoota giddugaleessaa godhate keessatti mul’atan akka jiraniidha. Barattootarratti malee barsiisaaratti waan hin xiyyeeffanneef, barsiisonni akka dagatamuufi akka of dagatu godha. Barattoonni ofiin yoo baratan, kitaabilee adda addaa fayyadamuu danda’u. Kitaabilee kanarraa odeeffannoo amananii fudhachuurratti rakkoon isaan quunnamu danda’a. Qabiiyyeen salphatti isaan hubachuu hin dandeenye isaan qunnamuu danda’a. Barattoonnis meeshaalee teeknooloojii irratti hirkatoo tahu danda’u. Sababa kanaan, sodaan keessa isaaniitti waan uumamuuf, ofitti amanamummaan isaanii gadi bu’a. Kun immoo, adeemsa baruuf barsiisuu keessatti gufuu itti taha. Barsiisonni leenjii malee gara

manneen barnootaatti waan faca'aniif, barsiisonni gahee isaanii wallaalu, barsiisaafi barattootaniis walii isaanii akka walhingargaarre godha.

Yaada kanarraa akka hubatamutti malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa godhate hanqina qabaachuu isaatii. Barattootan sababa ofii isaatiin kitaaba garagalchuuf ofitti amanamummaa dhabuu danda'a. Qabiiyyee ulfaataa hubachuu dhabuu danda'u. Kanamales, gocha daree keessaa barattoota irratti irraanfachuun qophii gahaa malee gara daree akka seenan tahuu danda'u. Barsiisaan akka of irraanfatu godha jechuudha.

### 2.2.2.3. Mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate keessatti gahee barattoota

Mala baruu barsiisuu abrataa giddu galeessa taasifate keessatti barattootan gahee baayyee qaba. akka, TEAL, 2010 irratti akka ibsametti, mala kana keessatti gaheen barattoota beekumsa duraan qabu irra dhaabbatee beekumsaafi dandeettii haaraa ijaarrachuu qaba. Hubannaa of madaallii guddifachuu fi jajjabeeffachuu qaba. Akkaataa barachuu dhuunfaa isaa too'achuu qabu. Waliin barachuudhaaf hojjachuu qabu. Akka ibsa kanaatti gahee barattoota hedduu ta'uu isaati. Beekumsa, dandeettiifi ogummaa gabbifachuuf of qopheessuu qaba. Yeroo kennameef too'achuudhaan waan barateefi hubate of madaaluu akka qabuudha. Waan isaaniif hin galle adda baafachuuf sodaa malee barsiisaa gaafachuufi ajajaafi qajeelfama barsiisaafi kitaabaa hordofuun gahee barattootan mala baruu barsiisuu barata giddu galeessa taasifate keessatti qabuudha.

### *2.2.2.4. Mala Baruu Barsiisuu Barattoota Giddu Galeessa Taasifate Keessatti Gahee Barsiisaa*

Mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate keessatti barsiisaan gahee olaanaa qaba.  akka TEAL, 2010 irratti akka ibsametti mala kana keessatti barsiisaan barachuu barattootaa mirkaneessuu gahee baayyee qaba. isaan keessaa tokko tooftaalee adda addaa kan barnootaa daree qopheessuudha. Akkaatee teessoo isaaniifi marii isaanii ni mijeessa jechuudha. Gochaaleefi gaaffilee adda addaa ni qopheessa. Yeroo too'achuufi akka isaan yerotti fayyadaman hordofuudha. Tarsiimoo barattoonni gahuumsaan akka baratan taasisu dhiyeessuu fa'a akka ta'eedha. Kanaafuu, mala baruu

barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate keessatti barsiisaan haala barachuu barattootaa mijeessuudhaaf shoora olaanaa qaba jechuudha. Naamusa eegsisuu, qabiiyyee baratamuu qabu qopheessuu, raawwii qabiiyyee madaaluu, hubannaa barattoota madaaluu, qabxii barattootadhaaf ifa hin taane ibsuufiifi kkf keessatti gahee guddaa qaba jechuudha.

Gama biraatiin Wasyihun (2006) mala kana keessatti gahee barsiisaa akkasitti ibsa. barnoota afaanii barattoota irratti xiyyeefffachuun qindeessuun, waliigaltee uumsisuun, fedhii barattootaa hubachuufi baay`ina madda odeeffannoo isaan barbaachisu hojiirra oolchuuf isaan gargaaran qopheessuudha. Kana malees, barattoonni maal barbaadu? Maaliis godhu? Dandeettiin isaanii hangam? Gaaffiiwwan jedhan deebisu. Barattoota dandeetti isaanii adda baasuuf, ramaduuf, madda odeeffannoo isaanii karaa sirrii taheen fayyadamuufi cimsuuf, adeemsa barnoota barattootaa hordofuuf, akkasumas hirmaanna isaanii cimsuun barnootarratti ilaalchawwan faayida qabeessa tahan kennuuf akka isaan dandeessisu gargaraan jechuun barsiisaan dhiyaannaa isaatiin gahee inni qabu ibseera.

### 2.3. Yaadiddama Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti qorattittiin yaaddiddama deebisanii ijaaruutti dhimma baateetti. Fileen, 2019 akka jedhutti yaadiddamni kun wantoota tanaan dura turan garuu yeroo ammaa sababoota adda addaatiif badaa ykn laafaa jiran akka bakkatti deebi’u qorachuuf akka gargaaru ibsee jira. Inni biraa yaadiddama tajaajilaati. Yaada kana irratti Fileen, 2019 akka jedhutti yaadiddamni tajaajilaa malli baruufi barsiisuu afaanii akkamitti akka gabbatu qorachuuf akka gargaaruudha. Akka ibsa olii irraa hubatamutti yaadiddamni kunneen lameen qorannoo kana keessatti kallattii akka qorataaf kennuu danda’utti hojiirraa oolaniiru. Sababni isaa akka yaadiddama deebisanii ijaarutti rakkoon hojirra oolmaa mala baruufi barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatee fooyya’ee akka hojjiirra ooluufidha. Gama biraatiin yaadiddamni tajaajilaa tajaajilli mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatee kun cimee akka itti fufu ykn malli kun faayidaa isarraa eegamu akka kennu ni taasisa jedhameeti.

# 3. XIINMALA QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffame xiinxala mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate haala qabatama mana barnootaa Doobbaa Sadarkaa Lammaffaatiin. Qorannoo malleen makoo ( akkamtaa fi hammamtaa) tti fayyadameera. Saxaxa qorannoo gahumsa qabu qopheessuuf malleenii fi odeeffannoo quubsaa ta'e argachuun qorannoo ifaa fi fudhatamummaa qabu argachuuf nama gargaara.Qorannoo kana keessatti mala akkamtaa fayyadamuun wantoota ibsamanii fi tarreeffaman jechaan kaahuuf iddoo olaanaa qaba.Dhibbantaa fi lakkoofsaan kaahuuf immoo malli hammamtaa murteessaadha.Sababni isaa namoota meeqarraa odeeffannoon akka guuramee fi waan tokko sadarkeessuuf baayyee barbaachisaadha.

Walumaa galatti malleen qorannoo makaa akkaataa barbaachisummaa isaatiin raga qulqulluu ta'e walitti qabachuun sirrummaa fi fudhatamummaa qorannichaaf shoora guddaa uumee jira. Kana malees gaaffileen bu,uuraa fi kaayyoon qorannichaa karaa mala kana lamaaniin deebi,uu fi ibsamuu danda,u jechuun itt gargaaramee jira. Kun immoo odeeffanno dhugaa fi qabatamaa ta,e argachuuf iddoo olaanaa qaba.

## 3.2. Madda Ragaalee

Qorattuun odeeffannoo barbaaddu argachuuf, hirmaattota qorannichaa filchuun qopheeffachuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan maddi ragaa qoranno kanaa madda ragaa tokkoffaati. Maddi ragaa tokkoffaan qorannoo kanaa ragaalee ykn odeeffannoo namoota kallattiin mala baruu barsiisuu barattoota giddu-galeessa taasifatan hojiirra oolmaa isaa keessatti gahee olaanaa qaban barattootaafi barsiisotadha. Qorattuunis, iddattoo kanneen qaamaan biratti argamuudhaan rasgaa irraafudhadhattee jirti.

## 3.3. Iddattoofi Iddatteessuu

Qorattuun iddattoo yeroo filattu mala carraafi miti carraatti kan dhimmaa baateedha. Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa barattootaafi barsiisota mana barumsa Doobbaa Sadarkaa Lammaffaati. Barattoota mana barumsichaa hunda irraa odeeffannoo

fudhachuun ulfaataa waan ta'eef, barattoota kutaa kudha tokkoffaa. irratti xiyyeeffatte. Kutaa kudha tokkoffaan daree torba kan qabu yoo ta'u, baayyinni barattoota dhiira 322fi dubara 172, waliigala barattoota 494 dha. Daree sadi keessa baayyinni barattoota jiran torbaatama torbaatama yoo ta'an, dareelee afur keessa immoo, torbaatamii tokko tokko turan. Kana jechuun baayyinni barattoota daree hunda keessa jiruu walqixa miti jechuudha. Isaan kana keessaa tokkoon tokkoon daree irraa dhiira 3(sadii)fi dubra 2(lama), waliigala daree hunda irraa dhiira 21(digdamii tokko)fi dubara 14(kudha afur) ida'ama barattoota 35(soddomii shan)tu filatame. Kanamales, barsiisota mana baruumsichaa barnoota Afaan Oromoo barsiisan afuriifi hoogansa mana barumsichaa lama iddattoo taasifadhe.

Qorannoo kana keessatti mala iddatteessuu carraa fi miti carraa fayyadame. Malli carraa barattoota kutaa kudha tokkoffaa daree jiran torban keessaa tokkoon tokkoon daree irraa barattoota shan(5) mala carraa walqixa kennuutiin filatamaniiru. Carraa waraqaa lakkoofsa tokkofi zeeroo qabutti qoodee maruudhaan barattoota dhiiraafi dubara walqixa kaasisiisuun filataman. Kan lakkoofsa tokko qabu shan. Kan hafan immoo lakkoofsa zeerootiin maramaniiti. Sababni isaa ragaan funannamu haqa qabeessaafi qulqullummaa akka qabaatuufidha. Gama biraatiin iddatteessuu miti carraa fayyadameera. Gosoota iddatteessuu keessaa iddatteessuu akkayyooti. Namoota kaayyoo qorannoo kanaa bakkaan gahuu ykn deebisuu danda'an hooggansa mana barumsaa lamaafi barsiisota Afaan Oromoo barsiisan afur(4) iddattoo taasifamaniiru. Sababni isaa, barsiisota barnoota biroo barsiisan caalaa mata duree kana irratti hubannoo guddaa qabu jedhamanii waan yaadamaniif.

### 3.4. Malleen Funaansa Ragaalee

Qorannoo kanaatiif malleen funaansa ragaalee adda addaa kanneen akka afgaaffii, bargaaffii fi daawwannaa hojiirra oolaniiru.

#### 3.4.1. Afagaaffii

Afgaaffiin, odeeffannoo ifaa fi gadi fageenyaan argachuuf kan dandeessisu, meeshaa odeeffannoon ittiin fanaanuuf ooluudha. Kana ilaalchisee, Yaalaw (1998) akka ibsetti

yeroo afgaaffiin gaafatamu, qoratichi deebii argaturratti dabalataan, sochii qaamaa nama afgaafficha deebisuu fi jijjiirama miira isaarraa waa hubachuun ragaa baayyee fi sirrii ta’e funaanuuf nama gargaara jedha. Kanuma bu’uura taasifachuudhaan qorattuunis, mala funaansa ragaa kana fayyadamteerti. Namoota afgaaffiidhaaf filatte bakka isaan jiranitti kallattiin bira deemuudhaan afgaaffii waliin gaggeessiteerti. Hirmaattonnis, waan isaaniif hin galle akka gaafatanii fi qorattuunis, gaaffii keessatti gaaffii qaxxaamuraa fi yaada dabalataa dhiyeessaa ragaa argatteerti. Akkaasumas barsiisota afurii fi hoggansa mana barumsaa lama wajjiin afgaaffii gaggeessee jira. Gaaffilee hojiirraa oolmaan mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatan maal fakkaatu, akkaataa kamiin hojii irra oolaa jiru, hojii irra oolchuuf maaltu gufuu ta’aa jira kanneen jedhamaniidha. Walumaagalatti gaaffilee banaa ta’an kudha tokko (11) fayyadameera.

### 3.4.2. Bargaaffii

Bargaaffiin mala qorattuun ragaa ittii funaanachuuf deemaa jirtuudha. Gosoota bargaaffii keessaa bargaaffii caaseffamaa fayyadamuu barbaada. Sababni isaa hirmaattonni yaada bal’aa tahe jechoota isaanitti fayyadamanii akka kennaniifidha. Kanamales, malli kun yeroo muraasa keessatti ragaa bal’aa walitti qabachuuf gargaara waan ta’eef, hirmaattota filaman irraa ragaa fudhachuufi. Hirmaattonni yaada qaban sodaa malee akka kennaniif ni gargaara waan ta’eefidha. Kanaafuu, hojiirra oolma mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate irratti wantoota gufuu ta’aniifi furmaata isaa wajjiin walqabatan gaaffilee jaha bifa waraqaatiin kennameefi wanta deebisaa ta’a jedhan bifa mallattoon agarsiisuutiin deebisanii jiru. Gaaffileen kunis, barattoota 35 kan qophaa’e yoo ta’u, isaan keessaa barattoonni soddomii afur irratti hirmaataniiru. Barattuun tokkoo immoo sababa dhukkubaatiin saganticha irratti argamuu hin dandeenye. Kanaafuu bakka barattuu kanaa baratuun biraa bakka buufamtee jirti.

### 3.4.3. Daawwannaa

Malli ragaa walitti qabameen inni biraa mala daawwannaati. Yeroo baruufi barsiisuun gaggeeffamu dareelee barattoonni iddattoo ta’an keessaa filataman keessaa lama kudha tokkoffaa A fi B’tu daawwatameera. Dareen Keessattuu, akkaataa hojiirra oolmaa baruu

barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifateefi mala kana hojii irra oolchuu irratti wantoota danqaa ta’an adda baasuu irratti gaafffilee jiraniif ragaan walitti qabameera. Ragaan kunis, karaa safaree/cheekliistiitiin yoo ta’u, cheekliistiin kunis gaaffilee bu’uuraafi kaayyoolee qorannichaa wajjiin kan wal qabataniidha. Kanaafuu, daree barnootaa yeroo baruu barsiisuun gaggeeffamaa jirutti si’a lama seenuudhaan akkaata hojiirraa oolmaa isaa, marii garee, marii cimdii, odu ibsaafi dhiyeessii barattootaa kkf haala kamiin hojii irra oolaa akka jiran xiinxalluufidha.

### 3.4.4. Marii Garee

Malli marii garee ragaalee qorannichaa walitti qabachuuf hojiirra oolee jira. Kunis, barsiisota muummee Afaan Oromoo jechuun afaan Oromoo barsiisan nama afurii(4)fi hooggansa mana barumsaa 2(lama) gaggeeffameera. Gaaffilee malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate bifoota akkamiitiin hojiirra oolaa jira?, ciminni isaa maal fakkaata?, hanqinni isaa hoo?, kanneen jedhaniifi kkf dhiyaatan irratti ragaan walitti qabameera. Sababni malli kun filatameef, raga kennitoonni haala qabatamaa isaan bira jiru waan beekaniif ykn wal beekaniif yaada dhugaa ibsu waan ta’eef. Ragaa kennen itti dabaluufi irraa hir’isuu hin danda’an. Kanaafuu mariin garee kana marsaa lama kan gaggeeffame yoo ta’u, kunis, daawwannaa daree duraa fi booda isaan wajjiin gaggeessee jira.

## 3.5. Mala Xiinxala Ragaalee

Qorannoo kana keessatt odeeffannoon mala akkamtaanii fi lakkoofsaatiin walitti qabaman xiinxalamaniiru. Sababiin malli kun filatameef, mata dureen qorannoo kanaa qaaccessa  hojiirra oolmaa malleen baruu-barsiisuu barattoota giddu-galeessa godhateen barnoota Afaan Oromoo barsiisuu irratti ture. Kunis, qorannoo gadi fageenyaan hojjachuuf malaa baayyee filatamaa waan ta’eefidha. Akkasumas, gosti qorannoo akkamtaa immoo ibsuu, addeessuu fi tarreessuu waan ta’eef, malleen kanatti fayyadamuun qorannoo ishee hojjattee jirti. Kanaafuu, ragaaleen walitti qabaman akkaataa walitti dhufeenya qabiiyyee isaaniifi kaayyoo qorannichaatiin gurmeeffamanii xiinxallamaniiru. Argannoofi yaboon isaaniitis kaayameera.

### 3.6. Naamusa Qorannoo

Kaayyoofi bu’aa hojii kanaa milkeessuuf naamusni qorannoo barbaachisaadha. Mata dureen qorannichaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate gosa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha tokkoffaa Mana Barumsa Doobbaa Sadarkaa Lammaffaatti xiyyeeffachuun qaacceffamee jira. Naamusni qorannoo qorattuun itti fayyadamte, dursee waraqaa deeggarsaa yuunivarsitii irraa kennameef rag-himtoota isheetti agarsiiftee jirti. Itti aansuudhaan dhimmaafi kaayyoo qorannichaa ibseteefi. Suuraa kaafachuufi viidiyoo waraabbachuudhaaf akka hayyamaniif ergaa gaafattee yeroo beellamatan. Kana booda yeroo isaaniif mijatutti affeeruudhaan gaaffilee gaafataa giddutti galatoomfataa yaadannoo gabaabaa fudhatte. Kanamales, yeroo dawwannaa daree akkaataa barsiisaafi barattoonni hin jeeqamneen naamusa eeggachuun ragaa fudhatte. Dhuma irratti qaamolee ragaa kennan hunda galatoomfataa adda bahanii jiru.

# 4. DHIYEESSA QAACCEESSAA FI IBSA RAGAALEE

Kutaa kana keessatti ragaalee raga himtoota irraa walitti qabamanitu qaacceffame. Mata duree qorannichaa kan ta'e, qaaccessa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate mana Barumsa Doobbaa Sadarkaa Lammaffaa irratti xiyyeeffachuun kan jedhu irratti ragaalee funannamanitu qaacceffame. Ragaaleen argaman kunneenis, akkaataa walitti dhufeenya qabiiyyeefi gaaffilee qorannoo deebisuu danda'aniin mata dureelee adda addaatti qoodamanii ibsamanii jiru. Haaluma kanaan akka mana barumsa kanaatti malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasife faayidaalee isaa, sadarkaa yeroo ammaa irra jiru, hojii irra oolmaa isaatti wantoota danqaa ta'aniifi danqaalee kana hanbisuuf ykn xiqqeessuuf maaltu ta'uu qaba mata dureelee jedhutti qoqqooduun xiinxallamanii jiru.

## 4.1. Malleen Baruu Barsiisuu Barattoota Giddugaleeffateeee fi Daree Barnoota Afaan Oromoo Keessatti Sadarkaa Hojiirra Oolmaa Isaanii

Mali baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate bifoota adda addaatiin hojii irra ooluu danda'a. mata duree kana irratti ragaaleen mala bargaaffiifi daawwannaa dareetiin walitii qabamanii jiru. Baayyinni barattoota bargaaffii kana irratti hirmaatanii soddomii shan(35) yoo ta'an akkaataa yaada isaan filataniitiin gabatee kanaa gadiitiin dhiyaateera.

**Gabatee: 1. Bargaaffii Sadarkaa Malleen Baruu Barsiisuu Irratti Barattootaaf Dhiyaate**

| TL | Gaaffilee | Baay yee olaan | | Olaa naa | | g/gal eess a | | Gada anaa | | yaada |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | lak k. | % | lak k | % | lak k. | % | lak . | % | |
| 1 | Sadarkaan itti fayyadama odibsa fi gocha basiisaa daree keessaa akkamitti ibsita. | 30 | 85 | 5 | 15 | | | | | |
| 2 | Yeroo barattan Shaakala | | | | | 2 | 6 | 1 | 37 | |

| | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | dandeettilee afaanii arfan daree keessaa akkamiin ibsita ? | | | | | 2 | 3 | 3 | | |
| 3 | Mala marii gareetiin barachuu akkamitti ibsita. | | | | | 23 | 66 | 12 | 34 | |
| 4 | Barsiisaan daree keessatti mala gaaffiifi deebii fayyadamuu sadarkaan isaa maal fakkata. | | | 4 | 11 | 24 | 69 | 7 | 20 | |
| 5 | Barsiisaan hojii daree hojjachiisuu akkamitti ibsita. | | | | | 12 | 34 | 23 | 66 | |
| 6 | Barattoonni mata duree adda addaa irratti qophaa'anii dareef dhiyeessuun maal fakkaata. | | | | | 10 | 29 | 25 | 71 | |
| 7 | Barattoonni mala gahee taphachuutiin ni baratuu akkamitti ibsita. | | | | | | | 35 | 100 | |

### 4.1.1. Mala Baruu Barsiisuu Barsiisota Giddugaleessa Godhate Ilaalchisee Ragaalee argaman

Gabatee 1ffaa irraa akka hubatamutti bifoonni yookiin dhiyaannaan daree keessaa adda baafameera. Gaaffii tokkoffaa yoo ilaallu daree keessatti malli baruu barsiisuu barsiisaa giddu galeessa taasifate sadarkaan isaa yoo xiinxallamu hirmaattota gaaffiidhaaf dhiyaatan 35 keessaa 30(85%) kan ta'an baayyee olaanaa yoo jedhan kan hafan hirmaattonni 5(15%) kan ta'an immoo olaanaadha jedhu. Gaaffii lammaffaan immoo, haala itti fayyadama mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate yoo ta'u,

hojiirra oolmaan mala kanaa daree keessatti, baayyee olaanaafi olaanaa kan jedhan hin jira. Haata'uu malee, hirmaattonni 22(63%) giddu galeessa, hirmaattonni 13(37%) gadaanaa akka ta'e deebisaniiru.

**4.1.2 Mala Marii Garee Ilaalchisee Ragaalee argaman.**

Gaaffiin sadaffaan sadarkaan mala marii gareetiin barachuu maal fakkaata kan jedhu yoo ta'u, barattoota hirmaatan keessaa 23(66%) giddu galeessa yoo jedhan, 12(34%) immoo gadaanaadha jedhaniiru. Gaaffi afraffaan, sadarkaan mala gaaffi fi deebiitiin barsiisuun maal fakkaata kan jedhuu yoo ta'u, hirmaattonni 4(11%), 24(69%)fi 7(20%) walduraa duubaan olaanaa, giddu galeessaafi gadaanaa jedhaniiru. Kana jechuun hojiirra oolma mala gaaffiifi deebii sadarkaan isaa giddu galeessa akka ta'eedha. Gaaffii shanaffaan mala hojii dirreetiin barsiisuu sadarkaan isaa maal fakkaata kan jedhu yoo ta'u, hirmattota 35 keessaa 12(34%) giddu galeessa yoo jedhan, 23(66%) immoo gadaanaadha jechuun ibsaniiru. Gaaffii sadarkaan mala dhiyeessii barattootaa maal fakkaataa jedhu immoo, hirmaattota 35 keessaa 10(29%) giddu galeessa yoo jedhan, 25(71%) immoo gadaanaadha jedhaniiru. Mala gahee taphachuutiin barsiisuun gaaffii jedhuuf immoo, hirmaattonni 35(100) itti fayyadamaa akka hin jirre ibsaniiru.

Gaaffilee jalqabaa lameen irraa akka huabatamutti, malli baruu barsiisuun barsiisaa giddu galeessa taasifate sadarkaa baayyee olaanaa irratti akka argamuudha. Faallaa kanaa immoo, malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate sadarkaan isaa giddu galeessa ta'uu isaati. Kana jechuun barsiisaan mala duraanii fayyadamaa jiraachuu nama hubachiisa. Mmarii gareetiin barsiisuun immoo, sadarkaa giddu galeessaa irra akka jiruufi mala gaaffiifi deebiitiin barsiisuunis, sadarkaan isaa giddu galeessaa ta'uu adda baafameera. Hojiirra oolmaan mala hojii dirree sadarkaan isaa gadaanaa yoo ta'u, malli gahee taphachuu guutumatti hojiirra oolfamaa akka hin jirre xiinxallamee jira.

Bifoota ykn dhiyaanna mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatee kana irratti daawwannaan dareetis gaggeeffamee jira. Daawwannaa daree si'a lama kan gaggeeffame yoo ta'u, guyyaa 12/08/2016 fi guyyaa 14/08/2016 tti dha. Daawwii taasifameenis, malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate bifa adda addaatiin hojii irra ooluusaa hubatamee jira. Mata duree dhuma kana irratti marii garee

barsiisota muummee Afaan Oromoo ykn Afaan Oromoo barsiisanniifi dureewwana mana barumsaa wajjiin marsaa lama taasifameen bifoota hojiirra oolmaa barattoota giddu galeessa taasifate akkasitti ibsa.

### 4.1.3. Mala Baruu Barsiisuu Barattoota Giddu Galeessa Godhate Ilaalchisee Odeeffannoo Argame

Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate kun daree keessatti, akkaataa/bifoota adda addaatiin hojiirraa oolaa jiraachuu xiinxallameera. Bifoonni ykn gosoonni mala kanaa mala hojii garee, mala dhiyeessii, mala cimdii, mala gahee taphachuu, mala gaaffii qomaa, mala falmii, mala pirojektii, mala agaree, mala qor-dhimmaa, mala of iyyaafannoo, mala wal iyyaafannoo, mala yaada burqisiisuu, mala gaaffifi deebii, mala diraamaa, mala doowwii dirree, mala si'aa'inaan dhageeffachuu, mala yaalii, mala jigsaw, mala wal barsiisuufi kkf jechuun tarreessu. Daawwannaafi afgaaffii gaggeeffameen bifoonni mala kanaa kanneen akka mana barumsa Doobbaatti hojiirra oolaa jiran kanneen itti aananiidha

### 4.1.4 Hojii Daree Ilaalchisee.

Bifoota mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatee kan hojii irra oolaa jiran keessa tokko mala hojii gareeti. Mala hojii garee kan jedhamu tooftaa barnoota si'aawaa barattootaan gahuuf nama fayyaduudha. Kunis, akkaataa teessoo isaaniitiin, garee barattoota nama sadii fi sanaa oliin barsiisaan walitti qindeessee hojjachiisuudha. Wanta garee keessatti irratti mari'atan deebisanii waliif ibsu ykn dareef ibsuufi barreeffamaan dhiyyeessuun wal barsiisu. Barsiisaan yeroofi dabaree kennuudhaan kan hojjachiisuufi wantoota ykn dhimmoota hubannoo dabalataa barbaachisu irratti ibsa kennaafi. Kana jechuun barsiisaan haala mijeessaadha.

### 4.1.5. Mala Gahee Taphachuu Ilaalchisee

Bifoota mala barattoota giddu galeessa taasifatee keessaa kan biraa mala gahee taphachuuti. Malli kun barattoota lama lamaan gurmeessanii hojjachiisuudha. Malli gahee taphachuu barattoota keessaa nama muraasaaf hojii ykn wanta daree keessatti dhiyeessuun barbaachisu kennuufiin dhiyeessisuudha. Haata'uu garuu mana barumsaa

kana keessatti hojiirra ooluu irratti hanqinni jiraachuu marii garee gaggeeffameefi daawwannaa taasifameen bira gahameera.

### 4.1.6 Mala Dhiyeessii Barattootaa Ilaalchisee Ragaalee argaman.

Bifoota malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate ittiin dhiyaataa jiru kan biraa mala dhiyeessiiti. Daawwannaafi marii garee taasifaman irraa akka hubatametti, qabiiyyee dhiyaate addaan qoqqooduun irratti akka mari’atan taasifamu. Akkaataa dhiyeessiifi eenyu fa’aan akka dhiyaatu barsiisaan niqajeelcha. Barattoonni immoo, manatti ykn daree keessatti irratti mari’atanii ofqophaa’u. Dhumarratti akkaataa qajeelfama barsiisaan kenneefitiin of keessaa nama filanii dhiyeessu. Yookiin immoo, barsiisaan barataa ofii fedheef carraa kenneefii akka dhiyeessisiisu daawwannaafi marii garee kanaan adda baafameera.

Bifti malli kun hojiirra ittiin oolaa jiru kan biraa mala gaaffiifi deebiiti. Gaaffiifi deebiin kun bifa lama qaba. Gaaffii qomaafi gaaffii barreeffamaati. Daawwanna taasifame irraa akka hubatametti, malli kun bal’inaan hojii irra oolaa jiraachuu isaati. Keessatti, seensa barnoota guyyaa irratti, barnoota darbe yaadachiisuufi kan guyyaa wajjiin walbarsiisuu keessatti bal’inaan hojii irra oolaa jira. Dhuma waayitii barnootaa irrattillee barsiisonni gaaffii fi barreeffamaa barattootaf ni dhiyeessu.

Akkawalii galaatti malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate bifoota baayyee yoo qabaatellee kan hojii irra oolaa jiru muraasa ta’uu isaati. Dhimma kana adda baafachuuf daawwannaan daree si’a lama gaggeeffameera. Marii gareetillee marsaa lama gaggeeffameera. Xiinxala gaggeeffameen malli kun akka barbaadamutti hojiirraa oolaa akka hin jirreedha. Barsiisaan mala kana caalaa mala ibsaa ykn barsiisaa giddu galeessa taasifate fayyadamaa jiraachuu hubatamee jira. Kanaaf immoo, wantoonni dirqisiisan ykn sababa ta’an akka jiran gara fuulduratti ibsameera.

## 4.2. Danqaalee Hojiirra Oolmaa Mala Baruu Barsiisuu Barattoota Giddu Galeessa Taasifatee

Hojiirra oolmaan mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatee baayyee gadaanaadha. Kanaaf immoo, danqaawwan ykn gufuuwwan adda addaatu jira. Dhimma

kanarratti odeeffannoon ragaa afgaafiitiin argame adda baafamee xiinxallamee jira.. Hojii irra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifateef wantoonni danqaa ta’an baayyeen akka jiraniidha. Kana jechuun akkaataa barbaadameen akka hojii irra hin oolleef wantoota sababa ykn gufuu ta’anitu jiru jechuudha.. Afgaaffii itti aantota duree mana barumsaa sadarkaa lammaffaa wajjiin taasiseen cuunfaan yaada isaanii akkas jedha.

Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate akkaata barbaadameen akka hojii irra hin oolleef wantoota danqaa ykn gufuu ta’an bakka gurguddaa saditti qooduun ni danda’ama jedhu. Isaanis, mootummaa wajjiin kan walqabatan, mana barumsaa wajjiin kan walqabatan, barsiisaa wajjiin kan walqabataniifi barattoota wajjiin kan walqabatan jechuu akka danda’amaniidha.

### 4.2.1. Gufuuwwan Mootummaa Wajjiin Walqabatan

Gufuulee mootummaa wajjiin walqabata kan jedhaman wantoota mootummaan osoo hin mijeessin hafan kanneen malli kun akka hojii irra hin oolleef rakkoo ta’an jechuu akka ta’e afgaaffii kana keessatti ka’ee jira. Dhimmoota gurguddoo sirna barnootaa raawwachuu/ bahachuu dhabeedha. Isaanis kanneen akka hanqina kitaabaa, qajeelcha barsiisaa, hanqina barsiisaa, leenjiiwwan adda addaa xiqqaachuu, baayyina waayitii barnootaaf kennameefi kkf akka ta’aniidha (B/saa afaan oromoo tkkoffaa, 28/07/2016)

Yaada olitti ka’e kan deeggaruu daawwannaa daree guyyaa 18/08/2016 gaggeeffameen hanqinni kitaabaa gufuu guddaa hojiirra oolmaa mala kanaati. Keessattuu, manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa keessatti eerga sirni barnootaa haaraan hojii irra oolee as, dhiyeessiin kitaabaa gosa barnoota birootiin fooyyee qabaatus, gosa barnoota Afaan Oromootiin hanqinna cimaatu jira. Kitaabni Afaan Oromoo hin jiru jechuun nidanda’ama. Barnoonni afaanii immoo, dandeettiiwwan afaanii kanneen akka dubbisuu, dhageeffachuu, barreessuu, dubbachuufi seerlugaa fa’a irra caalatti karaa mala kanaatiin yoo barsiisan nama ajaja. Garuu, hanqinna kitaabaatiif jecha barattoonni dandeettiiwwan kanneen gadi fageenyaan barachaa ykn shaakalaa hin jiran. Barsiisaan kitaaba irraa barsiisu qofa qabatee akkaataa mala duriitiin yookiin mala ibsaatiin barsiisuuf dirqamaa jira. Barattoonni waan irra dubbisan dhabuudhaan gilgaalotaafi gochoota adda addaa

mala dhageeffachuufi gabatee irraa barreessuutiin shaakalaa jira. Kanaafuu, daawwannaa taasifame kanaan mootummaan kitaaba gahaa qopheessuu dhabuun malli kun akkaataa barbaadamuun akka hojii irra hin oolle taasisaa jiraachuu hubatamee jira.

Gama biraatiin hanqinni kitaabaa barattoota rakkoo biraatiif saaxilaa jiraachuu afgaaffifi daawwannaa taasifameen bira gahamee jira. Barattoonni akka kitaabaatti “soft copy” isaa bilbilatti fe’chuun fayyadamu. Barattoonni tokko tokko akkaata barbaadamutti yoo itti fayyadamanillee, tokko tokko immoo faallaa kanaa hojjatu. Yeroo barsiisaan barsiisuu bilbila banatanii waan irraa barataa jiran fakkeessanii achi keessaa immoo gara waan biroo ilaalutti seenu. Yeroo kana immoo, giddutti yaanni isaanii akka hatamu ta’aa jira. Barsiisaanis too’chuuf ni ulfaata. Sababni isaa, dhimma barnootaatiif waan itti fayyadamaa jiran fakkaata waan ta’eef. Kanaafuu, daawwannaafi afagaaffii taasifameen, hanqinni kitaabaa gufuu hojii irraa oolmaa mala baruu barsiisuu kanaa qofa osoo hin taane, barattoonni daree keessatti naamusa akka cabsan taasisaa jira jechuudha.

Gufuun hojii irra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatee inni biraa leenjiin adda addaa dhaabamuudha. Kana jechuun leenjiin dandeettiifi gahuumsa barsiisotaa cimsu kennamaa hin jiru. Leenjiin dandeettiifi gahuumsa barsiisotaa cimsu, barsiisota barnoota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa tokkoffaatiif darbee darbee kennamaa turullee, barsiisota manneen barnoota sadarkaa lammaffaatiif immoo osoo hin kennamin waggaa hedduu lakkofsiisee akka jiru afgaaffii barsiisotaafi itti aantota dureewwanii wajiin taasifame keessatti ibsamee jira.

Kanamales, yeroo ammaa barsiisonni manneen barnoota sadarkaa lammaffaa irratti qacaramaa jiran kanneen mala baruu barsiisuu hinbaratiniidha. Barsiisaan mala baruu barsiisuu hin baratin immoo, malleen baruu barsiisuu adda addaatti fayyadamuu irratti hanqinna qaba. Akkasumas, hojiirra oolmaa Dagaagina Ogummaa Walitti Fufaa (DOW) ykn leenjii hojii irraa barsiisotaatiif too’annoofi hordoffiin taasifamaa jiru gubbarra kaasee hanga mana barumsaatti baayyee laafaa ta’uu hubatamee jira.

Gufuun hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatee inni biraa baayyina waayitii gosa barnoota kanaatiif kennameedha. Afgaaffii barsiisota Nasiiboo Mahaammadiifi Takkaalliny Mangistuu wajjiin guyyaa 06/08/2016

taasifameen cuunfaa yaada isaanii kana lafa kaa'aniiru. Qabiiyyeen kitaabni Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa lammaffaa qabatee jiruufi baayyinni waayitiilee kennamee kan wal hin simneedha. Fakkeenyaaf, silabasii kitaabni Afaan Oromoo kutaa 11ffaa qabiiyyeen isaa hanga Waxabajjiitti deemuu osoo qabuu ji'a Eblaatti akka xumuramu qajeelcha. Kitaabileen Afaan Oromoo isaan birootis, akkasumatti kan dhiyaataniidha. Barsiisaan immoo, silabasii kana wajjiin deemuuf saaffisa. Yaroo kana immoo, mala kana akkaataa barbaadamutti akka hin fayyadamne taasisaa jira jechuudha.

### 4.2.2. Gufuuwwan Hawaasa Mana Barumsaa Wajjiin Walqabatan

Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate hojiirra ooluu irratti gufuuwwan isaan kanneen mana barumsaa wajjiin walaqabataniidha.

Kana jechuun hojiiwwan baruu barsiisuuf haala mijeessan kanneen manni barnootaa osoo hin osoo hin sirreessin ykn hinhojjatin hafe jechuudha. Daawwannaa daree taasifameen akka xiinxallametti, hooggansi mana barumsaa, baayyinni barattootaa daree keessaa, hanqinni teessoo, yeroon ramaddii waayitii, too'annoofi hordoffiin barsiisotaaf taasifamuufi kkf gufuuwwan manneen barnootaa wajjiin walqabataniidha. (Maddi, barsiisaa afaan oromoo tokkoffaa fi barsiisaa afaan oromoo lammaffaa, 06/08/2016).

A.Hooggansa Mana Barumsaa

Wantoota ykn dhimmoota hojiirra oolmaa mala barattoota giddu galeessa taasifatetti gufuu taan keessaa tokko hooggansa mana barumsaati. Kana jechuun dhimma kana fooyyeessuuf wantoota barbaachisan guutuu dhabuu jechuudha. Fakkeenyaaf, daree dabalataa, teessoo gahaa, Baayyinni barattoota daree tokko keessatti mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate hojii irra oolchuuf baayyee murteessaadha. Baayyinni barattootaa istaandardiidhaa ol ta'uun, mala kana hojiirra akka hin oolle taasisaa jira.

B. Barsiisaa wajjiin walqabatu

Hanqinna hojirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifateetiif gufuun biroo barsiisaa wajjiin kan walqabatuudha. Daawwannaa taasifameen akka adda baafametti, barsiisonni mala kana caalaa odibsa fayyadamu. Karoorri isaaniitis, mala

kana irratti xiyyeeffatee qophaa’uu irratti hanqinna qaba. Mala kana yeroo fayyadamanis, too’annoofi hordoffiin barattootaaf taasifamu baayyee laafaadha. Afgaaffiin dureewwan mana barumsaa wajjiin taasifamelle yaaduma kana mirkaneessa. Kanaafuu, hojirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota barattoota giddu galeessa taafateetiif danqaan tokko kan barsiisota wajjiin wal qabatu ta’uu hubatamee jira.

C.Barattoota wajjiin walqabatu

Hojirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifateef dhimmi gufuu ta’e inni biraa rakkoo barattoota wajjiin walqabatuudha. Kana jechuun dhimmoonni barattoonni fooyyeffachuu osoo qabanii dhiisuudhaan, hojirra oolmaa mala kanatti danqaa ta’an jechuudha. Inni duraa naamusa barattootati. Daawwannaa daree taasifameen akka adda baafametti, barattoonni yeroo malleen marii garee, marii cimdiifi kkf akka baratan ajajaman gara haasawaafi hojiilee birootti kanneen hin barbaachifnetti goruudha. Osoo gara mata duree kennameefitt hin debi’in yeroon kennameef dhuma.

Gama biraatiin sodaafi fedhiin barattootaa, rakkoo barattoota wajjiin wal qabatuudha. Barattoonni wantoota isaaniif hin galle ykn ifa hintaane gaafachuu irratti rakkoo guddaatu jira. Yeroo kana barsiisaan barattoonni waan hubatamuun barbaachisu hin hubanne, jechuun gara qabiiyyee irra deebiin ibsuutti deebi’a. Kanamales, barattoonni yeroo garren, cimdiin, dhuunfaan irratti qophaa’aa ibsaa jedhaman, fedhii hin qaban; ni cinqamu; of jibbaa gara hojitti seenu. Sababni isaa akkaataan itti barataa turan irra caalaan mala duriitiin waan ta’eef, isa kana amaleeffatanii akka jiran afgaaffii taasifame irraa hubatamee jira. Kanamale, faayidaa mala kanaan barachuu irratti hubannaan qabanis, laafaadha.  Kanaafuu, dhimmoonni kunneen gufuuwwan barattoota wajjiin wal qabataniidha.

D. KGTB( koree gumii tiraanisfoormeeshiinii barnootaa)

Koree GTB rakkoolee mana barumsaa fooyyessuu keessatti gahee olaanaa qabaniidha. Koreen kun yeroo dhiyoo kan hundeeffame yoo ta’u, koree qindeessituu aanaatiin durfamu. Fakkeenyaaf, akka mana barumsa Doobbaa Sadarkaa Lammaffaatti itti gaafatamaan bulchaa aanaati. Rakkoolee, hanqinna daree barnootaa, hanqinna teessoo barattootaa, leenjii gaggabaabaa barsiisotaaf akka qophaa’uuf haala mijeessuu, mooraa

mana barumsaa hawwataa gochuu, rakkoo naamusa barattootaafi barsiisotaa too'achuufi dhimmoota biro kanneen mootummaa wajjiin walqabatan irratti gahee olaanaa qabu. Haata'uu malee, walitti dhufeenyi mana barumsaa wajjiin qabaniifi too'annoofi hordoffiin isaan taasisan laafaadha. Kanaafuu, qaamota kana wajjiinis rakkoon walqabatu nijira jechuudha.

### 4.3. Furmaata Gufuuwwan Hojiirra Oolmaa Mala Baruu Barsisuu Barattoota Giddu Galeessa Taasifatee

Hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giduu galeessa taasifatee danqaalee garaagaraa akka jiran armaan olitti ibsamee jira. Danqaalee kanneeniif immoo, qaamonnifi dhimmoonni furmaata jedhaman karaa bargaaffii armaan gadiitiin adda baafamee jira. **Gabatee: 2. Bargaaffii barattootaaf dhiyaate**

| Hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeeffateef: | Sadarkaa ykn gahee isaan qaban | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Baayyee olaana | | Olaanaa | | Giddu galeessa | | Gadaanaa | | Baayyee gadaan | |
| | Lak | % | Lak | % | Lak. | % | Lak | % | Lak. | |
| Qophii barsiisaan taasisu akkamitti ibsita. | 31 | 89 | 4 | 11 | - | - | - | - | - | |
| Gahee sirna barnootaa akkamitti ibsita. | 24 | 68 | 8 | 23 | 3 | 9 | - | - | - | - |
| Gahee hooggansa barumsaa akkamitti ibsita. | 28 | 80 | 7 | 20 | - | - | - | - | - | |
| Gahee barattoota | - | - | - | - | 2 | 7 | 9 | | - | |

| | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| akkamitti ibsata. | | | | | 6 | 4 | | | | |
| Gahee wajjira barnootaa | 18 | 54 | 1<br>2 | 3<br>4 | 5 | 1<br>4 | - | - | - | |
| Gahee KGTB | 12 | 34 | 1<br>4 | 4<br>0 | 9 | 2<br>6 | - | - | - | |
| Waliigala | | | | | | | | | | |

### 4.3.1. Haala Qophii Barsiisaa

Gabatee olii irraa akka hubatamutti hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifateef dhimmoonni furmaata ta'an adda baafanii jiru. Akkaataa xiinxalla taasifameetiin hojiirra oolmaa mala kanaatiif furmaanni jalqabaa qophii barsiisaati. Hirmaattota 35 keessaa 31 (89%) kan ta'an barsiisaan gahee baayyee olaanaa qaba jedhaniiru. Kana hafan hirmoottonni 4(11) gaheen barsiisaa olaanaa akka ta'e addeessanii jiru. Kana jechuun, hojiirra oolmaa mala kanaatiif qophiin barsiisaan taasisuun daree seenu murteessaadha jechuudha. Barsiisaan karoora barnootaa kan waggaafi torbee yeroo qopheeffatu malleen qabiiyyee barsiisuu deemu wajjiin deeman adda baasee qopheeffatee daree seenuu qaba jechuudha. Kanaafuu, mala kana hojiirra oolchuu keessatti gaheen barsiisaa baayyee olaanaadha jechuudha.

### 4.3.2. Gahee Hoggansa mana Barumsaa

Sadarkaa lammaffaarratti immoo, hooggansa mana barumsaati. Dura taa'aa mana barumsaa, I/A/DT fi supparvaayzara jechuudha. Hirmaattota 35 keessaa 28 (80%) hooggansi mana barumsaa gahee baayyee olaanaa akka qabaniidha. Hirmaattonni 7(20%) kan ta'an immoo, gahee hooggansaa olaanaadha jechuun ibsaniiru. Yaada kanarraa akka hubatamutti hojiirra oolmaa mala kanaatiif hooggansi mana barumsaa baayyee murteessaa ta'uusaati. Hojiirra oolmaa mala kanaatiif gaheen hooggansaa giddu galeessa, gadaanaadha, baayyee gadaanaadha kan jedhan hin jiran. Kanaafuu, hojiirra oolmaa mala kanaatiif deeggarsi, hordoffiifi duubdeebiin hooggansi mana barumsaa barsiisotaaf taasisu yoo jiraate, hojiirra oolmaan mala kanaatiif baayyee murteessaa ta'uu adda baafameera.

### 4.3.3. Gahee Sirna Barnootaa

Hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifateetiif gahee baayyee olaanaa qabaachuun sadarkaa sadaffaa irratti kan argamu sirna barnootaati. Gaaffii kana irratti hirmaattota 35 keessaa 24(68%) gaheen sirna barnootaa baayyee olaanaadha yoo jedhan, hirmaattonni 8(23%)fi hirmaattonni 3(9%) walduraa duubaan gaheen sirna barnootaa olaanaafi giddu galeessa jechuun addeesssanii jiru. Sirni barnootaa qophii imaammataa, kitaabalee barnootaa, leenjii adda addaafi kkf akka ta'an adda baafamee jira. Kana jechuun hojiirra oolmaa mala kanaatiif sirni barnootaa gahee akka qabuudha. Hirmaattoonni irra caalaan isaanii sirni barnootaa gahee baayyee olaanaa qabaachuu ibsaniiru.

### 4.3.4 Gahee Barattootaa

Hojiirra oolmaa mala kanaatiif qooda fudhattoonni barnootaa kanneen gahee xixiqqaa qaban barattoota, kereewwan adda addaafi waajjira barnootaa akka ta'an hubatamee jira. barattoonni, 76% gahee giddu galeessaa yoo qabatan, koreewwan GTB 26%fi waajjirri barnootaa 14% wal duraa duubaan gahee giddu galeessaa akka qaban xiinxallamee jira.

Walumaagalatti deebiin gaaffileen dhiyaatanii yommuu xiinxallaman, danqaalee hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatee dhabamsiisuun ykn xiqqeessuudhaaf abbaan furmaataa inni jalqabaa barsiisaa yoo ta'u, inni lammaffaan hoggansa mana barumsaa akka ta'eedha. Sababnisaa, ogummaa kanaan leenjii gahaa qaamni qabu barsiisaa waan ta'eefidha. Kanamales, qabiiyyee daree keessatti barsiifamu irratti karoorsee daree keessatti kan hojiirra oolchuufi, adeemsa raawwii isaa hordofuun, bu'aa isaatillee kan madaalu barsiisaa waan ta'eef furmaanni mala kanaa inni ijoofi jalqabaa barsiisaa ta'uu nama hubachiisa.

Kanamales, hooggansi mana barnootaa danqaalee mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatee hanbisuuf ykn xiqqeessuuf gahee guddaa qabu jechuudha. Kana jechuun barsiisotaaf leenjii adda addaa kennuu, daawwannaa dareefi dirree taasisuun, adeemsa hojiirra oolmaa isaa madaaluufi duubdeebii kennuun danqaa jiru xiqqeessuufi dhabamsiisuu akka danda'an adda baafamee jira.

### 4.3.5. Gahee Waajjira Barnootaa

Gama biraatiin hojiirra oolma mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifateetiif dhimmoota furmaata irratti afgaaffiin barsiisotaafi hooggansa mana barumsaatiif taasifamee jira. Barsiisota Afaan Oromoo lama wajjiin guyyaa (05/10/2016) taasifameen cuunfaan yaada isaanii akkas jedha. Hojiirra oolmaa mala kanaatiif, furmaanni ykn qaamonni abbaa furmaataa ta’uu danda’an barsiisaa, hooggansa mana barumsaa, mootummaa( waajjiraalee sadarkaan jiran), sirna barnootaa, barattootaafi koreewwan mana barumsaati jedhu. Qaamonni kunneen gahee isaan irraa eegamu yoo bahan malli kun akkaataa barbaadamutti hojiirra ooluu akka danda’uudha.

Rakkoo hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate wajjiin walqabatu xiqqeessuuf ykn hanbisuun furmaanni duraa barsiisaadha. Kana jechuun, qophii barsiisaan barsiisuuf taasisu jechuudha. Akka ibsa isaaniitti, barsiisaan dursee qabiiyyee barsiisu mala kamiin barsiisuu akka qabu beekuu qaba. Itti aansee qophii barbaachisaa gochuudha. Yeroo daree seene immoo, barattoota qindeessuun adeemsa raawwii hordofuu qaba. Yeroofi naamusa barattootallee too’achuun gidduu giddutti immoo, wantoota barattootaf ifa hin taane irratti yaada kennaa hordofuudha. Yeroo kana immoo, hanqinni yoo jiraate gara mala biraatti jijjiiruu danda’a. Dhumarratti hubannaa barattootaa ilaaluuf madaallii gaggeessuu qaba. Kanaafuu, hojiirra oolmaa mala kanaatiif furmaanni guddaan qophii irraa eegalee gochoota barsiisaan daree keessatti gaggeessu hunda akka ta’e nama hubachiisa.

Hojiirra oolmaa mala kanaatiif hooggansi mana barumsaatis gahee guddaa qaba. Kallatti haala mijeessuutiin, deeggarsa kennuutiin, tooa’nnoofi hordoffii taasisuutiin gahee guddaa qaba jechuudha. Haala mijeessuu yoo jedhamu, meeshaalee barsiisotaaf barbaachisu qopheessuun, itaandardii daree eegsisuun, barsiisota wajjiin naamusa barattootaa too’achuufi hordofuutiiniifi kkf gahee gurguddaa qabu jechuudha. Kanamales, hanqinnootaafi ciminoota jiran adda abaasaa deeggarsa akka supparviizhiinii, leenjiifi maanuwaalii adda addaa kennuutiin kan gargaaran yoo ta’e, barsiisaan mala kana hojiirra oolchuuf hin rakkatu jechuudha. Akkasumas, deeggarsi eerga taasifamee boodaa adeemsa raawwii irratti hordoffii taasisuun madaallii taasisuufi

duubdeebii kennuun, barsiisota mala kana akka barbaachisuutti hojiirra oolchan sissi'eessaa kan deeman yoo ta'e malli kun akka hojiirra ooluuf furmaata cimaa ta'a jechuun nidanda'ama.

Afgaaffii I/A/D/ mana barumsaa wajjiin guyyaa (11/10/2016) taasifameen rakkoo hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate xiqqeessuuf ykn hanbisuuf mootummaan akka qaama furmaataatti ni ilaallama jedhaniiru. Meeshaalee barnootaa dhiyeessuun, imaammata fooyyessuun, barsiisaa gahoomsuun, istaandardii manneen barnootaa fooyyessuufi madaalliiwwan adda addaa taasisuun malli kun bifa gahuumsa qabuun akka hojiirra oolu taasisuu akka danda'uudha. Meeshaalee barnootaa dhiyeessuu yoo jedhamu, kitaabalee barattootaa, qajeelcha barsiisaa, kitaabilee wabii, meeshaalee deeggarsaa, teessoo barattootaa, gabatee gurrachaafi kkf ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, yeroo ammaa kitaabni barattootaa kan Afaan Oromoo sadarkaa hin jiru jedhamu irra jira. Barnoonni afaanii immoo, dandeettiiwwan afaanii barsiisuufi barachuuf kitaaba irratti xiyyeeffata. Bakka kitaabni gahaan hin jirretti dandeettii afaanii nibarsiifna jechuun ulfaataadha.

Gama biraatiin imammataafi barsiisaa gahoomsuu wajjiin walqabatee rakkoo hamaatu jira. Fakkeenyaaf barsiisonni yeroo ammaa yuunivarsitii irraa bahanii qacaramaa jiran, barsiisota Afaan Oromoo dabalatee kanneen saayinsii barsiisummaa(pedagogy) qabanii miti. Leenjii muraasallee kanneen qabanii miti.Waa'ee mala baruu barsiisuu hubannaa takkallee kanneen hin qabneedha. Akkasumas, waaytiin barnoota Afaan Oromootiif kennamellee gahaa miti. Torbetti waaytii lama qofa qaba. Barnoota waaytiilee gadaanaa qaban keessatti argamu. Akkuma barnoota afaan Ingiliffaa ykn barnoota saayinsiilee biroo waayitiin gahaan osoo itti kanname, yeroo gahaatu jira waan ta'eef mala adda addaa jijjiiraa hojiirra oolchuun nidanda'u jechuudha.

Istaandardii mana barumsaa fooyyessuun hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifateetiif furmaata murteessaa akka tahe raga himtoonni ibsanii jiru. Kana jechuun mootummaan baajata barbaachisaa ta'e ramaduudhaan mooraa mana barumsaa, daree barnootaafi teessoo gahaa qopheessuun deeggaruu danda'a. Mooraa hawwataa taasisuu jechuun barreeffamoota ykn taappeellaawan

barnoota dabarsan maxxansuun barnoota dabalataa akka argataniif barattoota gargaara. Akka mala hojii dirreefi pirojektiittis nigargaara.

### 4.3.6. Gahee koree Gumii Tiraansifoormeeshinii Barnootaa

Dhimmi baayyinna daree dabaluufi baayyinna barattootaa xiqqeessuudhaa furmaata hojiirra oolmaa mala kanaati. Fakkeenyaaf, daawwannaa daree kutaa kudha tokkoffaa guyyaa 12/08/2016 fi guyyaa 14/08/2016 taasifameenis akka rakkotti kan mul'atu isa kana. Daree tokko keessa barattoota 70fi sanaa ol qabu. Barsiisaan barattoota baayyee kana immoo, mala kanaan barsiisuu miti, too'achuufi akka rakkatu hubatamee jira. kanaafuu, mootummaan daree gahaa qopheessuun/ijaaruufi barsiisaa gahaa tahe ramaduun baayyina barattoota daree tokko keessaa xiqqeessa. Baayyinni barattootaa xiqqaa yoo tahe immoo, mala kana bifoota adda addaatiin hojiirra oolchuu danda'a jechuudha. Kanaaf immoo gaheen gumii tiraansfoormeeshinii barnootaa iddoo guddaa qaba.Kunis akka mana barumsa sadarkaa lammaffaa Doobbaatt itti gaafatamaan bulchaa aanaati.Koreen kun mala kana hojiirra oolchuu keessatti gahee guddaa kan qabanidha.

# 5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa Qorannichaa

Barnoonni qulqullina qabu barattoota gahuumsa qaban argamsiisa. Barattoota gahuumsa qabu argamsiisuuf immoo, mala baruu barsiisuu si’aawaa fayyadamuun barsiisuun barbaachisaa ta’uu raga kennitoonni qorannoo kanaa ibsanii jiru. Malleen baruu barsiisuu keesssaa malli barattoota giddu galeessa taasifate bu’a qabeessa yoo ta’u, safartuuwwaa ykn amaloota adda addaa akka qabu himaniiru. Hojiirra oolmaan mala kanaa bifoota adda addaa yoo qabaatu, gahuumsaan hojii irra ooluudhaaf danqaawwan adda addaa akka jiraniifi danqaalee kanaaf dhimmoonni furmaataa jiraachuu isaa raga himtoonni qorannichaa adda baasaniiru.

Gama biraatiin malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate faayidaa guddaa qabaachuu isaati. Faayidaan kunis kan barattoota fi barsiisotaa jennee bakka lamatti qooduu dandeenya. Baruu barsiisuu keessatti barattoonni ofiin hojjatu waan ta’eef, soda malee barachuun ofitti amanamummaa akka qabaatan taasisa. Keessattuu, barnoota Afaan Oromoo keesssatti, dandeettiiwwan bu’uuraafi kanneen birootis akka horatan baayyee barbaachisaa ta’uu ibsanii jiru. Malli kun barsiisaafis faayidaa guddaa qaba. Humna xiqqaadhaan daree baayyee barsiisuu akka danda’u taasisa. Qabiiyyee bal’aa yeroo xiqqoo keessatti akka xumuruufi barattoota gahuumsa qaban akka oomishaniif akka isaan fayyadu ibsanii jiru. Faayidaan mala kanaatis kan ittiin safaramu barattoota argannoo haaraaf kakaasuun, rakkoo/dhimma kan furuu, gareen kan hojjachiisuufi gahuumsa barattoonni akka walii galaatti horataniin beekkamu/safaramu jechuu akka ta’e ibsanii jiru.

Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate bifoota adda addaatiin hojiirra ooluu akka danda’u raga himtootaa qorannichaafi daawwannaa dareelee irraa hubatameera. Isaanis, mala marii/hojii garee, marii cimdii, ibsa dhuunfaa, gaaffiifi deebii, doowwii dirree, walbarsiisuufi kkf akka tahan eeramanii jiru. Akka mana barumsa Doobbaa Saadarkaa lammaaffaatti isaan kanneen akka barbbadamutti hojiirra oolchuun rakkoo akka qabuudha. Haata’uu garuu, malleen akka marii garee, marii cimdii, ibsa dhuunfaafi gaaffiifi deebii hojiirra oolaa jiraachuu ibsamee jira.

Mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate hojiirra akka hin oolleef danqaawwaan/gufuuwwan hedduun akka jiran addeeffameera. Danqaawwan kunneenis qaamota adda addaa kan hojii barnootaa keessatti qooda qabaniin kan walqabatuudha. Qaamonni kunneenis, barsiisaa, hooggansa barnootaa, mootummaa, koreewwan mana barumsaa, barattootafi kkf wajjiin kan walqabatan ta'uu raga himtoonni nikaa'u. Kana jechuun qaamonni kunneen gahee bahachuu qaban osoo hin bahin haafuun ykn gahee xiqqaa bahuudhaan malli kun bal'inaan akka hojiirra hin oolleef daanqaa ta'anii jiru jechuudha.

Qaamota kanneen keessaa barsiisaan sadarkaa jalqabaa yoo qabatu, hooggansa mana barumsaa, mootummaa, barattoonnifi koreewwan manneen barumsaa tartiiba taa'an kanaan qaamota danqaaf sababa ta'aniidha. Kanneen akka hir'inna kitaabaa, baayyinna waaytii barnootaaf kennamee, baayyinna barattootaa, gahuumsa barsiisaafi hir'inni meeshaalee deeggarsaa wantoota ykn dhimmoota danqaalee/gufuulee yeroo ammaa jiran ta'uu isaaniiti.

Danqaawwan hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifateetiif akka furmaatatti wantoonni/dhimmoonni baayyeen kaafamanii jiru. Isa kanaaf, immoo qophiifi gahuumsa barsiisotaa, deeggarsi hooggansa mana barumsaa, deeggarsi mootummaa, fedhiin barattootaafi sochiin qooda fudhattoota barnootaa isaan biro murteessaa ta'uu raga himtoonni ibsanii jiru. Barsiisoonni qophii barbaachisu gochuufi ofgahoomsaa deemuun hojjiirra oolchuun babaachisaadha. Hooggansi mana barumsaa immoo, deeggarsaafi hordoffii barbaachisu gochuudhaan hojiirra oolmaa mala kanaatiif furmaata ta'uu danda'u jechuudha. Mootummaan immoo, barsiisota ogummaa barsiisummaa barsiisuun, leenjii adda addaa kennuun, sirna barnootaa sirreessuun, kitaaba gahaa dhiyeessuufi istaandardii mana barumsaa fooyyessuudhaan furmaata rakkoo kanaa ta'uu akka qaban ibsamee jira.

## 5.2. Argannoowwan Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffame qaaccessa hojiirra oolmaa mala baruufi barsiisuu barattoota giddu galeessa godhate, mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Doobbaa Kutaa

11ffaa gosa barnoota afaan Oromoo xiyyeeffachuuni. Xiinxalaa ykn qaaccessa gaggeeffameen argannoowwan hedduunis bifa armaan gadiitiin adda baafamanii jiru.

- Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate faayidaa guddaa qabaachuusaa adda baafamee jira. Faayidaan kunis, kan barattootaafi barsiisotaa jechuun qoodamuu yoo ta'u, barattoonni ofitti amanamummaa akka horatan, sodaa malee akka barataniifi nama kalaqaa akka ta'aniif kan isaan fayyadu ta'uu adda baafamee jira. Barsiisotaaf immoo, yeroo qusachuu, humna qusachuufi qabiiyyee barattoota gahuumsa qabu akka oomishaniif kan isaan fayyadu ta'uu hubatamee jira.
- Argannoon qorannoo kanaa inni biraa malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate bifoota adda addaatiin hojiirra kan oolu ta'uusaati. Daree keessatti, bifa marii garee, marii cimdii, mala dhiyeessii, gaaffiifi deebii, walbarsiisuu, ibsa dhuunfaafi kkf hojiirra oolaa akka jiru adda baafamee jira.
- Hojiirra oolmaan mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate danqaawwan hedduu akka qabu hubatameera. Danqaaleen kunneen, qaamota adda addaa wajjiin kan walqabataniifi, isaanis, barsiisaa, hoogansa mana barumsaa, mootummaa, barattootafi koreelee mana barumsaa akka ta'aniidha. Kan akka rakkoo gahuumsa barsiisaa, hir'inni kitaabaa, baayyinni barattoota, hanqinni meeshaalee deeggarsa barnootaa, hanqinni teessoofi kkf wantoota ojiirra oolmaa mala kanaatiif danqaalee ta'aniidha.
- Danqaalee/gufuuwwan hojiirra oolmaa mala kanaatiif dhimmoonni furmaata ta'an adda baafamanii jiru. Abbaan furmaataa qaamota danqaalee kana duuba jiran waan ta'eef, barsiisaan gahumsa isaa, keessattu mala baruu baruu barsiisuu irratti hubannoo cimsachuufi ofirratti hojjachuu qaba. Hooggansi mana barumsaa deeggarsaafi hordoffii barbaachisu taasisuu akka qabuufi mootummaan barsiisota ogummaa kana irratti leenjii yeroo dheeraafi gabaabaa kennuun, kitaabilee gahaa dhiyeessuun, sirna barnootaa sakatta'uun fooyyessuufi istaandardii manneen barnootaa irratti hojjatu yoo ta'e, danqaalee kunneen baduu ykn xiqqaachuu akka danda'an mirkaneeffamee jira.

## 5.3. Yaboo Qorannichaa

Qornnoo hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatee jedhuuf akka yabootti dhimmoonni adda baafaman jiru.

- Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate, faayidaa baayyee akka qabu argannoo keessatti adda baafamee jira. kanaafuu, qaamonni hojii barnootaa keessa jiran kamuu deeggarsa barbaachisu gochuufi hubannoo barbaachisu cimsuu qabu. Addatti immoo, barsiisonni hojiirra oolmaa mala kanaatiif abbaadha waan ta'eef, xiyyeeffannoo itti kennuun yoo irratti hojjatan gaariidha.
- Hojiirra oolmaan mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatee bifoota adda addaatiin ta'uun adda baafameera. Kanaafuu, barsiisonni, hooggansa mana barumsaa, waajjiroonni barnootaa sadarkaan jiraniifi barattoonni bifoota kanneen akkaataa qabiiyyee kennamuutiin akka kennamuu qabuufi hojiirra oolfamu deeggarsa barbaachisu yoo taasisan gaariidha.
- Hojiirra oolmaan mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate danqaalee ykn gufuuwwan adda addaa qabaachuun adda baafameera. Danqaalee ykn gufuulee kana xiqqeessuuf barsiisonni, hooggansi mana barumsaa, barattoonnifi koreewwan mana barumsaa gahee isaanii bahuun gaarii ta'a.
- Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate danqaalee jiraniif akka yaada furmaataatti wantoonni ta'uu qaban nijiru. Barsiisonni itti fayyadama mala kanaa dabaluufi xiyyeeffannoo hojiirra oolchuun gaariidha. Hooggansi mana barumsaafi waajjiraaleen barnootaa kan sadarkaan jiran haalota danqaa ta'an adda baasuun barsiisota yoo deeggaran, hordoffiifi madaallii barbaachisaa ta'e yoo gaggeessan gaariidha. Kitaabalee barnootaa, kitaabilee wabi gahaa yoo dhiyeessaniifi baayyinna barattoota daree tokko keessaa akkaataa istaandardii taa'eetiin yoo fooyyessan gaariidha jechuun qarattuunis, akka yabootti keettee jirti.

# WABIILEE

Brand,H.2000. *Teachers Centered Institution vs Student Centered Institution*. Armuchee High School. Newyork.American Government Schools.

Bonwell,C. and Elison, A. 2003. *Active Learning Creating Excitement in The Classroom*. Rhen: Grips.

Bucharest, 2010. *Student Centered Learning*. An Insight In to Theory And Practice. Printing: Partos Timisoara

Eggen ,P.D. and D.Kauchax. 1998. *Strategies for Teachers Teaching Content And Thinking Skills***.** Boston. Allyn and Bacon. ICDR.1999. *Teachers Education Hand Book.* Addis Abeba: Finfinne Printing.

Fissahaa Dabalee, 2011/2019. Xiinxala Mala Marii Gareetiin Afaan Barsiisuu: Haala Barattoota Mana Baruumsa Sadarkaa Lammaffaa Alaltuu Kutaa 9ffa Irratti. Yunivarstii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanii, Jornaalizimiifi Quunnamtiitti Muummeeafaan Oromoo Og Barruufi Fookloorii. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (Ma) Guuttachuuf Dhiyaate. Kan Hin Maxxanfamin.

Lea, S. J., D. Stephenson, and J. Troy, 2003. Higher Education Students' Attitudes to Student Centred Learning: Beyond 'educational bulimia'. Studies in Higher Education 28(3), 321–334.

Macharia,S.N. and Waria,L.M.1994. *Teaching Practice in Primary Schools***.** Hong Kong: Macmillan Publishing Company.

Mutassa,N.G. and Wills,G.M. 1994. *Modern Practice in Education and Science*. Gaborone. Bostwana.

OSENI and Ejide (RN, BNSc). 2022. Conceptual Analysis of Student-Centered Learning. International Journal of Medicine, Nursing & Health Sciences (IJMNHS). University of Ibadan, Nigeria.

Plass,H. 1998. "*The Learner Centered Classroom."*In Amare Asgedom and et al.(eds.). Quality of Education in Ethiopia Vision For the 21st Century". Institute of Educational Research. Addis Abeba Univeristy (Unpublished)

Richards, J. and Rodgers, C. 2001. Approaches and Methods in Teaching Foreign Language. Cambridge: CUP.

Shank,Cruick. 1999. *The Act of Teaching*.Boston:Mc Graw Hill Companies,Inc.

Smith,R. 2004. *Student Centered Learning*. (File://A:Student Centered %20 learning.htm).

TEAL(teaching excellence in adult litracy), 2010, student-centered learning. Department of education. Office of vocational and adult education.

Tigisti Kormee, 2008/2016, Sakatta'a Hojiirra Oolmaa Mala Baruuf Barsiisuu Barataa Giddugaleessa Godhate: Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Magaala Gindhiir Kutaa 9ffaa Irratti. Yuunivarsitii Addis Ababaa Koolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Joornaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, OgBarruufi Fookloorii. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Dhiyaate. Kan Hin Maxxanfamin.

Wasyihun Alamirew. 2006. "*The Implementation of Student Centered of Teching In Secondary Schools of Mene Sibu Woreda*"Addis Abeba Univeristy (Unpublished).

ZewudeTibebu. 2005.*"In The Implementation of Student Centered Methods The Analysis of Student Related Problems in Jimma Zone Seto Semaro School."* Jimma Univeristy (Unpublished).

ያለው እንዳወቀ። (1998)። *የምርምር መሰረታዊ መርህዎች እና አተገባበር* ። አዲስ አበባ አልፋ አሳታሚዎች::

Reed and bergman ( 1995) in the ciassroom ;An introduction to Education (2nd ed.) North Carolina,Asheville;DPG Inc.

Filee Jaalataa 2019 .Malleen qorannoo, ADPprinting press

ICDR,1999 Teachers Eduction Hand book,Addis Abeba;Finfinne prining.

# DABALEEWWAN

## DABALEE, A. gaaffilee afgaaffii irratti dhiyaatan

**Yuunivarsiitii Haramaayaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaatti**

**Muummee Afaan Oromoo Fi Og-Barruu**

**Gaaffilee Qorannoo Barnoota Afaan Oromoo Sagantaa Digirii Lammaffaatti**

Barsiistuu Daggituu Baaneetiin Qophaa'e.

Maqaa________________________________

Saala______________________________

Kutaa__________________________

**I. Gaaffilee Armaan Gaditti Dhiyaatan Akkaataa Gaafatamteen Diibisi.**

1. Mala baruu barsiisuu jechuun maal jechuudha.
2. Gosoonni malleen baruu barsiisuu maal fa'i?
3. Mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate jechuun maal jechuu akka ta'e bal'inaan ibsi.
4. Akka mana barumsaa keessanitti malleen baruu barsiisuu keessaa kan hojii irra oolaa jiru isa kami? Maaliif?
5. Hojii irra oolmaan mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa tasifatee maal fakkaata?
6. Malli baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifate barnoota afaanii keessatti faayidaa ni qaba.
7. Malli kun akkaataa kamiin hojii irra oolaa jira?
8. Mala baruu-barsiisuu barattoota giddu-galeessa taasifatan fayyadamutti wantoonni gufuu ta'an  maal maal fa'i?
9. Haalonni danqaa ta'n kunneen dhiibbaa akkamii gaggeessisu.
10. Mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatetti fayyadamuu irratti wantoota danqaa ta'an hanbisuuf ykn sirreessuuf maal maaltu hojjatamuu qaba?
11. Wantoota mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifatetti danqaa ta\uu danda'an

**Dabalee, B. Gaaffilee Bargaaffii  Irratti Dhiyaatan**

**Yuunivarsiitii Haramaayaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaatti**
**Muummee Afaan Oromoo Fi Og-Barruu**
**Gaaffilee Qorannoo Barnoota Afaan Oromoo Sagantaa Digirii Lammaffaatti**
**Barsiistuu Daggituu Baaneetiin Qophaa'e.**

**Maqa______________________________**

**Saala____________________________**

**Kutaa_________________________**

**I. Gaaffilee armaan gadii akkaataa gaafatamteen yaada deebii ni ta'a jette bakka siif kenname keesatti mallattoo (√) kana kaa'uun agarsiisi.**

**1. Hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu barattoota giddu galeessa taasifateef gahee qaamota armaan gadii akkamitti ibsita.**

a. Gahee Barsiisa:  Baayyee Olaanaa( ) Olaanaa ( ) G/Galeessa ( ) Gadaanaa ( ) Baayyee Gadaanaa ( )

b. Gahee Mana Barumsaa: Baayyee Olaanaa( ) Olaanaa ( ) G/Galeessa ( ) Gadaanaa ( ) Baayyee Gadaanaa ( )

c. Gahee Gumii Tiraansifoormeeshinii Barnootaa: Baayyee Olaanaa( ) Olaanaa ( ) G/Galeessa ( ) Gadaanaa ( ) Baayyee Gadaanaa ( )

d. Gahee Sirna Barnootaa: Baayyee Olaanaa( ) Olaanaa ( ) G/Galeessa ( ) Gadaanaa ( ) Baayyee Gadaanaa ( )

e. Gahee Barattootaa: Baayyee Olaanaa( ) Olaanaa ( ) G/Galeessa ( ) Gadaanaa ( ) Baayyee Gadaanaa ( )

f. Gahee Koreelee Adda Addaa: Baayyee Olaanaa( ) Olaanaa ( ) G/Galeessa ( ) Gadaanaa ( ) Baayyee Gadaanaa ( )

**Dabalee, C: Odeeffannoo Barattootaa**

| Tl | Kutaa 11ffaa Gola | Dhi | Dub | Wg | Yaada |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | A | 3 | 3 | 6 | |
| 2 | B | 3 | 2 | 5 | |
| 3 | C | 4 | 2 | 5 | |
| 4 | D | 2 | 2 | 4 | |
| 5 | E | 2 | 3 | 5 | |
| 6 | F | 3 | 2 | 5 | |
| 7 | G | 3 | 2 | 5 | |
| | WALIIGALA | 20 | 15 | 35 | |


**Dabalee, D. odeeffannoowwan barsiisotaa**


| TL | Maqaa barsiisaa | Korniya | Sad.barnootaa | g/barnootaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Jamaal Kadiiroo | Dhi | MA | Hooggansa barnootaa | DMB |
| 2 | Abdallaa Hassan | Dhi | MA | Hooggansa barnootaa | I/A/DM |
| 3 | Abbabaa Shimallis | Dhi | MA | Hoggansa barnootaa | I/A/DM |
| 4 | Husseen Bashiir | Dhi | MA | Afaan Oromoo | Barsiisaa |
| 5 | Takkaalleny Mangistuu | Dhi | BA | Afaan Oromoo | Barsiisaa |
| 6 | Abraahim Saanii | Dhi | BA | Afaan Oromoo | Barsiisaa |
| 7 | Nasiiboo Mahaammad | Dhi | BA | Afaan Oromoo | Barsiisaa |

**Dabalee, E. Suuraalee Muraasa Yeroo Ragaaleen Fudhatamu**


















Barnoota Oromiyaa
/GTBO/
Gumii
Tiranisfoormeeshinii
Barnootaa lafa
qabsiisuun Cabiinsa
barnoota keenya akka
fayyu ni taasifna.





